

WIIRTUU LEENJII OGEESSOOTA QAAMOLEE HAQAA
SAGANTAA LEENJII A/SEERAA FI A/ALANGAA AANAA TIIF
QOPHAA'E



SEERA QABEENYAA FI HEERA MOOTUMMAA
Moojulii Leenjii

✓ **Qopheessaan**

Institiyyuutii Leenjii Qaamolee Haqaa Federalaa

✓ **Afaan Oromootti kan hiiike**

Ob. Qana'aa Geetanaa

✓ **Gulaalaan:-**

Ob. Abdii Asaffaa

Amajjii 2005

Baafata

Fuula

Seensa.....	3
1. Bu’uura yaadota ka’uumsaa seera qabeenyaa garaagaraa.....	4
1.1 Akka waliigalaatti Seera qabeenyaa fi heera.. ..	4
1.2 Hiikaa fi seenaa dhufaatii qabeenyaa.....	6
2. Gosa yookaan Akaakuu Qabeenyaa.....	10
2.1 Qabeenya socho’uu ykn hin sochoone	11
2.2 Qabeenya qabatamaa fi qabatamaa hin taane (corporeal and incorporeal things).....	21
2.3 Kallattii qabeenya abbaa qabeenyummaan qabeenya dhuunfaa fi uummataa.....	23
3. Waa’ee Qabiyyee (possession).....	25
3.1 Hiikaa qabiyyee.....	26
3.2 Safartuwwan (Madalliwwaan) jiraachuu qabiyyee mirkaneessan.....	26
3.3 Sababa Mirgi qabiyyee eegumsa seeraa Barbaachiseef.....	30
3.4 Jeequmsa qabiyyee irratti uumamu murtiin dhabamsiisuu.....	34
4. Akka waliigalaatti waa’ee Abbaa qabeenyummaa dhuunfaa.....	42
4.1 Haala itti qabeenyaan argamu, darbu, hafuu fi ragaa qabeenyummaa.....	43
5. Mirgootaa fi dirqamoota abbaa qabeenyaa.....	71
5.1 Mirgoota abbaa qabeenyaa isaan bu’uuraa (gurguddaa) (S.H.H kwt.1204(1) 11205(1)(2)).....	71
5.2 Dirqamoota abbaa qabeenyaa (S.H.H 1204 (2)).....	72
Gudunfaa.....	73
Barreeffamoota Wabii.....	75

Kaavyoon Waliigalaa Barsiisa Kutaa Kanaa:

1. Kaayyoo fi sababa abbaan qabeenyummaa heeraan mirkanaa'ef akka hubatan gochuu.
2. Maalummaa qabiyyummaa fi abbaa qabeenyummaa ni beeku.
3. Garaagarummaa abbaa qabiyyummaa fi abbaa qabeenyummaa jidduu jiru ni hubatu.
4. Mirgootaa fi dirqamoota abbaa qabeenyaa adda baasu; tooftaalee abbaan qabeenyummaa ittiin darbu ni beeku.
5. Abbaa qabeenyummaa qabeenya socho'uu fi hin sochoonee ni hubatu.
6. Maalummaa jeequmsa uumuu fi himanoo jeequmsi narraa haa dhaabatuu ni hubatu.

Seensa:

Seenaa keessatti qabeenyaan yoom akka jalqabame adda bahee dubbatamuu kan hin danda'amne ta'ullee maatiin ykn hawaasni ykn uummatni “kun kan kooti” “kun immoo kan abaluu ti ykn kan warra abaluuti” yeroo jechuun itti jalqabetti jechuun ni danda'ama.

Abbaa qabeenyummaa qabeenyaa ta'uun tasgabpii siyaasa, diinagdee fi hawaasummaan, fi oomishaaf oomishitummaan akka guddatu taasisuu keessatti bu'aa heedduu qaba. Biyya tokkoof abbaan qabeenyummaa qabeenyaa caaseffama siyaasaa ta'ee dinagdee irratti dhiibbaa kan qabu dha. Sirna siyaasaa tokko tokko keessatti gareen diinagdee murteessoo ta'an abbaa qabeenyummaa mootummaan kan hogganamu yoo ta'u kaan keessatti immoo abbaa qabeenyummaa dhunfaatu gahee ol aanaa qabatee argama.

Abbaan qabeenyummaa qabeenyaa tasgabpii nageenyaa fi hawaasummaatiif barbaachisaa dha. Kunis kan mirkanaa'u namni tokko beekumsa isaan kan kalaqe yookan hojii humna isaan hojjete yookan bu'ura seeraan haala addaan kan argate jiddu galiinsa tokko malee nagaan faayidaa isaaf kan oolchu yoo ta'e dha. Hordofootni yaada sooshaalistii tarkaanfachiisan kan hin fudhanne ta'uus abbaa qabeenyummaan hawaasa biyya tokkoof utubaa dha. Akkuma jabaachaa adeemeen immoo guddina dinagdee biyyaa tokkoo argamsiisa.

Mirgi qabeenyaa mirgoota bu'uraa heeraan beekamtiin kennamuuf keessa tokko ta'uun isaa heera biyya keenyaa yeroo garaa garaatti hojiirra oolan irraa hubachuun ni danda'ama. Heera bara 1948 fooyya'e kan sirna fiwudaalaa keessatti namni tokko abbaa qabeenyaa qabeenyaa ta'uudhaan qabeenyicha karaa barbaadeen itti fayyadamuu, dabarsuu fi bulchuu kan danda'u yoo

ta'u Heerri Ripaabilika Dimookiraatawaa uummattoota Itoophiyaa illee rakkinoota qabu waliin waa'ee mirga qabeenya osoo hin ibsiin bira hin dabare.

Mirgi qabeenyaa mirgoota bu'uuraa fi biliisummaa heera mootummaa RDFI keessatti caqafamaan keessaa isa tokko dha. Sanadootni addunyaaleessaa tokko tokko mirgoota kanniin hammatanii argamu. Sanadoota addunyaaleessaa kanniin keessaa Seerota mirgoota namummaa guutuu addunyaa (UDHR) keessatti kan taa'e namni kamiyyuu dhuunfaanis ta'e namoota biroo waliin mirga abbaa qabeenyummaa qabeenyaa akka qabuu fi akka salphaatti mirga dhabuu danda'u akka hin taane tumaalee eegumsa godhu of keessatti hammatee jira.

Abbaa qabeenyummaan qabeenyaa Heeran, Hariiroo Hawaasaan, Yakkaan yookan Seerota biroon kabachifamuun qabeenyaa kuufachuu fi qusachuuf heedduu kan gargaaru dha. Abbaan qabeenyaa qabeenyasatti fayyadamuun bu'aa ykn dabalata biroo argachuuf tattaaffii akka taasisuu fi hojiif akka kaka'u godha. Kanaan hojii daldalaa, qonnaa, ijaarsa yookan indaastirii yookan investimantii biroon ni jajjabeeffama, biyyis ni durooma, ni guddata.

Seera hariiroo hawaasaa keessatti seerri garaa garaa hammatamanii jiru. Isaan kana keessaa tokko seera qabeenyaa ti. Kutaan seera kanaas keewwata 1124 -1674 keessatti kan tumamani dha. Haaluma kanaan seerri qabeenyaa gartuu Seera Siivilii ti.

Seerri qabeenyaa dhimmoota bu'uuraa ta'an: gosoota qabeenyaa, qabiyyee fi abbaa qabeenyummaa, alaabaa, itti faayyadama qabeenyaa (servitude) fi mirgootni qabeenyaa kan ittiin murtaa'an, akkasumaas baay'inaan immoo seera namni dhunfaan yookan gareen yookan hawaasni dhimma tokko irratti aangoo to'achuu dabalatee murteessuu ti.

Seerri qabeenya seerota biroo waliin walitti dhufeenya cimaa qaba. Kunis walfalmiin Waliigaltee, Itti gaafatamummaa waliigalteen alaa, Daldala, Maatii, Dhaalaa, Gibiraa fi kkf irratti dhimmootni ka'an adda dureedhaan kan hundeeffaman mirga qabeenyaa irratti yoo jedhame kan arbeeffame miti. Adabbii hiidhaa qofaan kan adabsiisuu yoo ta'een ala murteen yakkaas qabeenya irratti raawatiinsa ni qabaata.

Tumaaleen seera qabeenyaa carraa garaa garaan ifatti ibsamani fi osoo hin ibsamiin fooyya'iinsi taasifamera; walakkaan haqameera. Kunis seerota abbaa qabiyyummaa lafaa waliin walqabatee

bahaan ilaaluun hubachuun ni danda'ama. Abbaa qabeenyumma lafaa dhuunfaan qabachuun kan hin danda'amne ta'uu erga tumamee tureera.

Barruun leenjii kun adda dureedhaan kutaa tokkooffaa seera qabeenyaa irratti hundaa'uun kan qophaa'e yoo ta'u kutaama kana jalatti yaadota ka'uumsaa bu'uuraa seera qabeenyaa garaa garaa, gosoota qabeenyaa, waa'ee qabiyyee, abbaa qabeenyummaa dhuunfaa, fi mirgootaa fi dirqaamoota abbaa qabeenyummaa mata dureewwan jedhamaan of keessatti hammateera.

1. Bu'uura Yaadota Ka'uumsaa Seera Qabeenyaa Garaagaraa

Kaayyoo leenjii kanaa:

Leenjifamtootni xumura boqonnaa kanaatti:

1. Hiikoo Qabeenyaa fi seera qabeenyaa ni beeku
2. Maalummaa fi amala dhaalmaa (patrimony) ni ibsu
3. Maalummaa fi garaa garummaa amala dhuunfaa fi maraa seera qabeenyaa ni ibsu

1.1 Akka Waliigalaatti Seera Qabeenyaa fi Heera

Mirgi qabeenyaa akkama mirgoota bu'uuraa biroo heera RDFI keessatti tilmaammii ol aanaa ta'e argachuudhaan lammiin Itoophiyaa kamiyyuu, abbaa qabeenyaa ta'uun akka eegamuuf; bu'uura seeraan qabeenyaa qabachuu fi itti fayyadamuu, mirga namoota biroo osoo hin miidhin (faallessin) mirga dabarsuu kan gonfachiise yoo ta'u, mirgi abbaa qabeenyummaa dhuunfaa akkuma eegametti ta'ee mootummaan faayidaa uumataaf jecha qabeenya dhuunfaa kaffaltii beenyaa madaalawwaa ta'e dursee kafaluun fudhachuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama.

Herri biyyattii keewwanni 40'n "qabeenyaa dhuunfaa" yommuu jedhu kaayyoo godhachuun kan qabate lammiin Itoophiyaa kamiyyuu yookan waldaaleen namummaa seeraan qaban lammii Itoophiyaa ta'anii yookiin haala sirrii ta'een seera addaattini waliin abbootii qabeenyaa akka ta'an kan hayyamameef humna isaaniitiin, dandeettii kalaqummaa isaaniitiin yookiin kaappitaala isaaniitiin kan horatan bu'aa qabatamaa fi haala qabatamummaa otoo hin qabaatiin bu'aa gatii qaban dha. Keewwata kana irraa akka hubatamuu danda'uutti namni qabeenyaa haala sadiin horachuu ni danda'u: Kunis,

- a. Humna isaatti fayyadamuun yookan dafqa isaa cobsuun kan horatu,

- b. Barnootarraa yookan muuxannoo beekumsa ogummaa argatanitti fayyadamuun waan uuman,
- c. Kaapitaala isaanii dhangalaasuun invaastimeentittiif yookiin daldalaaf oolchuun bu'aa argame fi kkf ta'uu danda'a.

Karaan qabeenyi ittiin argamu kun qabeenya qabatamummaa qabanii fi qabatamummaa hin qabne uuman yookaan horatan ta'uu akka danda'uus heera mootummaa keewwatuma tuqame jalatti ifatti dhimma kaa'ame dha. (Keewwata40(2) isa ilaalata).

1.2 Hiikaa Fi Seenaa Dhufaatii Qabeenyaa

Maalummaa seera qabeenyaa osoo hin ilaaliin dura gaaffii qabeenya jechuun maal jechuu dha jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Qabeenya jechi jedhu Afaan Ingiliziin “ property” jedhamee kan ibsamu ta'ee jecha laatinii “ proprius” kan jedhu irraa dhufuu isaa tu dubbatama. Proprius jechuun kan mataa ofii jechuu dha. Seerri Hariiroo Hawaasa Itoophiyaa maalummaa qabeenyaa hiikni kaa'e jiraachuu baatus barreeffamoota garaa garaa fi seera qabeenyaa keessatti kan ibsaman irraa hubatamuun akka danda'amutti qabeenya jechuun

- a. Dhimmoota biroo haala hin haammannen waanti tokko abbummaan (appropriable) qabamuu kan danda'u ta'uu qaba;
- b. Waanti abbummaan qabamuu danda'u kunis bu'aa kan qabu (useful) ta'uu qaba. Kana jechuun garuu waantootni bu'aa qaban hundi hiikoo qabeenyaa qabaatu jechuu miti. Fakkeenyaaf: aduu, qilleensa (gara humna biraatti kan jijjiirame yoo ta'e malee)
- c. Waanti sun gatii kan qabu yookan gatii kan baasu ta'uu qaba. Kunis maalaqaan bitamuu kan danda'uu yookan qabeenya biraan jijjiiramu kan danda'u ta'uu qaba (the thing must have pecuniary value).

Waliigalaatti qabeenya jechuun abbummaan qabamuu kan danda'u, bu'aa diinagdee kan qabuu fi waanta gatii qabu jechuu dha.

Akkuma seerota biroo yaad rimeen qabeenyaa guddachuu kan danda'e bu'uura ogeessa seeraa Roomanotaan akka ta'e barruuleen tokko tokko ni ibsu. Sirna seera Roomanotaan tilmaammii fi beekamtiin ol aanaan kennamaafii kan ture qabeenya dhuunfaa (private property) dha. Ogeessotni seeraa waa'ee qabeenya dhuunfaa ilaalchisee hiikoon kaa'an kan hin jirre ta'u illee,

yaad rimee qabeenya dhuunfaa ilaalchisee akka guddatu taasisuu keessatti shoora ol aanaa kan taphataan ogeeyyii seeraa kunniin akka ture dha. Yaa ta'u malee, hojiin kun yeroo dheeraa kan fudhatee fi haala suuta suutaan babalachaa fi qulqulla'aa kan dhufe dha. Yeroo jalqabaatiif ogeessootni seeraa kunniin lafti qabeenya mootummaa fi waliinii (communal) ta'uu isaa, fi maalummaa qabeenya dhuunfaa hubachuu kan danda'aan ta'uu barrulee garaa garaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Seerri Roomanotaa (the XII tables) waa'ee qabeenyaa ilaalchisee kan haammachiise doomiineemii (dominium) jedhamee kan beekamu yoo ta'u gosa qabeenya mana keessatti argamaan hunda kan of keessatti hammatu akka ta'etti turee garuu booda booda keessa qabeenya kan jedhu yaad rimee waantota hedduuf raawwatiinsa kan qabu ta'uun hubatamaa dhufeera.

Roomanota durii biratti lafti guutummaa guututti qabiyyee mootummaa jala kan ture itti fufees gosaaf booda booda keessa ammoo maatiin yeroo murtaa'eef qabiyyummaan akka itti fayyadamaniif kan isaaniif kennamaa ture ta'uu barruuleen ragaa ni bahu.

Wal duraa duuban yeroo ilaalamu dursa irratti garbaa fi wantootni socho'aan akka qabeenyaatti lakkaawamaa kan turanii fi itti aansuun lafaa fi wantootni hin sochoone akka qabeenyaatti lakkaawamuu kan jalqaban ta'uu hubachuun ni danda'ama.

1.3 Hiikaa Seera Qabeenyaa

Seera qabeenyaa jechuun mirgi qabeenyaa akkaataa itti argamu, darbu, addaan citu, mirgi abba qabeenyaa fi qabiyyee maal akka ta'e..... kkf seera hogganu (bitu) ta'ee diinaagdee biyya tokkoo keessatti bakka ol aanaa kan qabu fi gahee ol aanaa kan taphatu dha.

Mirgi qabeenyaa guddaa ta'uu isaa irraan kan ka'e seerota garaa garaattin eegumsi kan godhamuufi dha. Akkuma seensa barreeffama kanaa keessatti argine biyya tokko keessatti seera isa olaanaa kan ta'e bu'uura heeraan mirgootni bu'uuraa qabeenyaaf ka'aman adda bahuun ni tumamu; seera yakkaa keessattis tumaalee qabeenya ilaalattan dabaluudhaan namootni qabeenya kanniin irratti yakka raawwatan akka adabaman taasifama. Kunis seera yakkaa RDFI kitaaba 6^{ffaa} keessatti kan argamu ta'ee yakkoota qabeenya socho'u irratti raawwatu ilaalchisee keewwata 666-684, yakkoota qabeenya hin sochoone irratti raawwatu ilaalchisee keewwata 685-688, qabeenya namaa irratti miidhaa dhaqabsiisuu ilaalchisee keewwata 689-691, akkasumas

yakkoota mirga qabeenyaa irratti raawwatu ilaalchisee keewwata 692-705 baballinaan ibsamee jira.

Dhaalmaa ykn Paatriimonii (Patrimony)

Mirgoonni seeraan beekamtii fi eegumsi taasifameef gatii maalaqaa kan qaban (pecuniary value) ta'ee nama tokko irraa gara nama birootti darbuu kan danda'anii fi gatii maalaqaatiin shalagamuu kan hin dandeenye jechuun bal'inaan bakka lamatti qoodamuu ni danda'u. Mirgoonni gatii maalaqaatiin shalagamuu hin dandeenye mirgoota namoomaa ilaalchisuudhaan tumaalee garaa garaa keessatti kan bahan mirgoota siyaasaa fi siivilii hammachuu kan danda'an yoo ta'u, mirgoonni gatii maalaqaa qaban immoo seerota dirqamoota muldhisanii (law of obligation) fi seera qabeenyaa keessatti mirgoota eegumsi taasifamuf haammatu dha.

Seerota dirqamaa jalatti mirgoonni haammataman gaafatamuu kan danda'an namoota murta'an murtiin erga adda bahanii beekaman irraa waan ta'eef mirgoota amala dhuunfaa qaban (rights in personam) kan jedhamuun kan beekaman yoo ta'u, seera qabeenyaa jalatti kan haammataman kan akka mirga abbaa qabeenyummaa, mirga qabiyyee, mirga alaabaa fi kkf mirgoota namoota hunda irraa gaafachuu dandeenyu ta'uu isaaniitiin mirgoota qabatamaa (right in rem) jedhamuun beekamu.

Mirgaa fi dirqama nama tokkoo gatii maalaqaatiin shalagamuu danda'u walitti tokkummaa yeroo uuman dhaalmaa ykn paatriimoonii (patrimony) moggaasa jedhamu uuma. Dhaalmaan yaada of danda'e ta'uu isaan namni tokko dirqama abbaa qabeenyaa ykn qabeenya qabaachuu qaba jechuu miti. Mirga zeeroo gad ta'ee dirqama qofa kan qabu yoo ta'es dhaalmaa akka qabutti lakaa'ama.

Dhaalmaan yaad rimee of danda'e ta'uu isaan namni abbummaa kana qabu hanga lubbuudhaan jirutti garaa garummaa inni uumu hin jiru. Karaa biraan dhaalmaan jiraachuuf ilaalcha keessa kan galu namtichi lubbuun jiraachuu isaa qofa malee qabeenya qabaachuu fi dhabuu miti.

Dhaalmaan amaloota afur qaba. Isaanis:

1. Tokkoon tokkoon dhaalmaa nama uumamaa yookan seeraan mirga namoomaa argate abbaa mirgaa kana irraa adda bahee ilaalamuu kan hin dandeenyee; Sababni guddaan kun itti ta'eef immoo mirgoonni fi dirqamoonni dhaalmaa waliin ka'uun isaa waan hin ooleefi. Mirgaa fi dirqama qabaachuu kan danda'u immoo nama qofa dha waan ta'eef.

2. Tokkoon tokkoon nama uumamaa guyyaa dhalate irraa eegalee; namni seera guyyaa seeraan mirgi namoomaa kennameef irraa eegalee qabiyyee fi baayinni isaa osoo adda hin ba'in abbaa mirgaa fi dirqamaa waan ta'uuf dhaalmaa qaba jedhama. Yaa ta'u malee qabeenya homaa kan hin qabne hiyyeessa isa dhumaa yoo ta'ees abba dhaalmaa dha. Sababni isaas gara fuula duraatti qabeenya horachuu danda'a jedhamee waan tilmaamamuuf.
3. Namni tokko hangam dureessa ta'u illee dhaalmaa tokko qofa qaba. Kunis sababni itti ta'uu danda'eef qabeenyaa fi dhaalmaan lamaan isaanii waantota garaa garaa waan ta'aniif. Mirgootaa fi dirqamootni hundi dhaalmaa tokko uumuu isaaniitiin abbootii mirgaa fi dhaaltotaaf kkf bu'aa ol aanaa argamsiisa jedhamee yaadama. Qajeeltoon namni tokko dhaalmaa tokko qofa qaba jedhu akkuma eegamee jirutti ta'ee akka dhimma addaatti fudhatamee kan ilaalamu garuu namni tokko gaafa du'u dhaaltootni qabeenya isaa waan qoqqoodataniif dhaalmaan tokkoo oli akka uumamuuf sababa ta'eera.
4. Mirgootaa fi dirqamoonni namni tokko qabu hanga namni kun lubbuun jirutti kan jiraatuu fi yeroo inni du'utti garuu kan isa waliin badani dha. Sababni isaas namni dhaalmaa malee dhaalmaan ammoo nama malee jiraachuu kan hin dandeenye waan ta'eef.

Hiikoo dhaalmaaf kenname ilaalchisee namootni hin fudhanne ni jiru. Sababa hin fudhanneef yeroo ibsan:

- a. Namni tokko yeroo lubbuudhaan jirutti walakkaa qabeenya isaa nama biraatiif dabarsuu waan danda'uuf;
- b. Idaa kafaluuf dirqama namni qabu tokko qabeenya isaa yeroo kennu, dabarsu waan jiruuf.

Sababoota lamaan kanniin irraa ka'uun namni tokko yeroo lubbuun jirutti dhaalmaa tokko qofa qaba yaada jedhu kan faallessu waan ta'eef. Mormiin kun jiraatan illee fudhatamummaa bal'aa kan qabu yaadota afur armaan olitti ka'an dha.

Dhaalmaa Ta'uu Kan Hin Dandeenye (Extra-Patrimony)

Mirgootaa fi dirqamoonni gatii maalaqaatiin shallagamuu hin dandeenye hundi dhaalmaa jalatti hammatamuu hin danda'an. Akka fakkeenyaatti:

- Mirga siyaasaa
- Mirgoota gaa'ila waliin wal qabatan
- Mirgoota namoomaa

Garaa garummaan dhaalmaa ta'uu fi dhabuu maali dhaa?

- Maaalaqaan tilmaamamuu danda'uu fi danda'uu dhabuu
- Mirga himanni irratti dhiyaachu danda'uu fi hin dandeenyee, fi nama tokko irraa gara nama birootti karaa garaa garaatiin darbuu kan danda'uu fi hin dandeenye ta'uu dha.

Dhimmi asi irratti gaaffii kaasuu danda'u mindaa 2/3 fi durgoo sooromaa irratti himanni dhiyaachuu ni danda'aa? Dhiyaachuu kan hin dandeenye yoo ta'e dhaalmaa jalatti hammatamuu hin danda'uu jechuu dhaa? Qajeeltoon dhaalmaan gara biraatti darbuu danda'a jedhu akkuma jirutti ta'ee waa'een mindaa 2/3 fi durgoon sooromaa haala addaan ilaalamuu qaba.

Mirgoota Dhaalmaa Jalatti Haammatan

- a. Amala mirga dhuunfaa kan qabu (Personal right or right in personam)
- b. Mirga qabatamaa (real right or right in rem)

Amala mirga dhuunfaa qaba kan jedhamu mirga dirqamoota waliin wal qabataan ta'anii walitti dhufeenya mirgaa fi dirqamoota namoota garee lama jidduu jiru muldhisu dha. Fakkeenyaaf walitti dhufeenya garee waliigaltoota jiddu kaasun ni danda'ama. Abbaa idaa kan ta'e abbaa mirgaatiif jedhee kennuu; dirqama gochuu ykn gochuu dhabuu kan qabu yoo ta'u abbaan mirgaa yookaan qarshii immoo abbaa idarra dirqama jiru raawwachiisuuf himannoo dhiyeessuu ykn gama biraatiin mirga isaa gaafachuuf mirga qaba.

Mirga qabatamaa kan jennu immoo seera qabeenyaa waliin walitti hidhate ta'ee abbaan mirgaa namoonni biroon osoo jidduu hin seenamin mirqa daangaa maleessa (absolute) ta'een hojitti geeddaruu yookaan abba qabeenyummaa gama seeraan mirkaneessuu kan danda'u; namootni biraan mirga isaa gidduu kan seenaan yoo ta'ees karaa seeran dhimmicha sirreessuu yookaan rakkoo kana furuuf mirga qaba. Namoota kaan irraa kan eegamu yoo jiraate dirqama raawwachuu dhabuu raawwachuu dha.

Akka waliigalaatti, dhaalmaa jechuun namni uumamaa yookan seeraan mirgi namummaa kennameef tokko mirgootaa fi dirqamoota gatii maalaqaatiin tilmaamamuu danda'an gara nama biraatti dabarsuun kan danda'an uumaman yookan seeran mirga namoomaa kan qaban of keessatti kan haammatu yoo ta'u dhaalmaa qabaachuu kan danda'u nama qofa akka ta'e dha. Namni tokko dhaalmaa tokko qofa kan qabu; namni uumamaa yoo du'ee seeraan mirga namummaa kan argate immoo dhaabatichi kan diigame yoo ta'e dhaalmaan waliin kan hafu ta'uu; dhaalmaan of keessatti haammachuu kan danda'u mirga qabatamaa fi dhuunfaa ta'uu isaa, fi gatii maalaqaa kan hin qabnee fi mirgi nama birootti dabarfamuu hin dandeenye garuu qaama dhaalmaa kan hin taane; amala mirga dhuunfaa kan ilaalattu walitti dhufeenya namoota jiddu jiru kan mul'isu yoo ta'u amalli mirga qabatamaa immoo abbaa mirgaa irraa kan hafe namoota biroo abba dirqamaa kan taasise dha.

Gaaffilee Marii

1. Heera RDFI keessaa mirga dhaalmaa keessatti mirgoota hammatamuu hin dandeenye shan adda baasaa.
2. Namni tokko dhaalmaa tokko qofa qabaachuun isaa bu'aa inni abbaa mirgaatiif qabu maal?
3. Mirgoota gatii maalaqaatiin tilmaamamuu danda'anii fi hin dandeenye jiddu garaa garummaan jiru maal?
4. Amala mirga kophaa fi dachaa jidduu garaa garummaa fi walitti dhufeenya jiru ibsaa.

2. Gosa yookaan Akaakuu qabeenyaa

Leenjifamtootni leenjii kana yeroo xumuran:

1. Barbaachisummaa gosa (akaakuu) qabeenyaa ni ibsu.
2. Keessumattuu garaagarummaa abbaa qabeenyummaa qabeenya socho'uu fi hin sochoonee, fi barbaachisummaa lamanuu gargara basanii ilaaluun ni ibsu.

2.1. Qabeenya Socho'uu Fi hin Sochoone jechuun qoodinsa taasifamu

Qoqqoodnis kun bu'uura kan taasisu qaamolee miiraa keenyaan beekamuu kan danda'an ta'ee amala meeshummaa yookaan qabatamummaa kan qaban dha.

Qabeenya socho'u

Qabeenya socho'u kan jedhamaan ofiin yookaan humna namaan miidhaan osoo irra hin gahiin yookaan amala uumamaa isaanii osoo hin jijjiiriin qabeenyaa qabatamaa deemuu yookan deemsifamuu danda'an dha. Kanaaf qabeenyi tokko qabeenya socho'u jedhamuuf:

- a. Qabeenyi kun qaamolee miiraa keenyaan hubatamuu kan danda'an ykn amala qabatamaa kan qaban ta'uu qabu. Fakkeenya: kitaabota, Barcuma (Teesuma), Mijaala
- b. Ofiin adeemuu yookaan socho'uu kan danda'u ta'uu qaba. Fakkeenya: konkolaataa yookaan kan namni baatee sochoosu ta'uu qaba.
- c. Qabeenyichi ofiin ykn humna namaan yeroo socho'an amala uumama isaa kan hin jijjiirree yookaan dhabne ta'uu qaba.

Madaallin “b” fi “c” jalatti ta'an, hiika garagalchoo isaa yeroo ilaalamu waanti tokko yoo socho'uu hin danda'u ta'e yookaan amala uumama isaanii osoo hin jijjiirin yoo hin socho'u ta'e qabeenya socho'u jedhamuu hin danda'u. Kana jechuun ammoo qabeenya hin sochoone dha jechuu miti. Kunis uumamaan qabeenya socho'u ta'ee booda irratti qaama qabeenya hin sochoonee ta'uu isaan qabeenya socho'u ta'uun isaa addaan kan citu ta'a. Sababni isaas qabeenya hin sochoone kan jedhamaan lafaa fi mana dha.

S/H/H kan ibsamaniin ala humna uumamaa (qilleensaa, lolaa fi kkf) ala beekamtii qabeenya socho'uf waan kenne hin fakkaatu. Haa ta'u malee, qabeenyi hin sochone tokko tokko carraan seera jalatti akka qabeenya socho'anitti fudhataman jiraachuu danda'a. Fakkeenya: mukkeen yookaan midhaan nyaataa osoo hin muramiin ykn haamamiin dura nama biraatti darbee yoo ta'e akka qabeenya socho'uutti haalli kun kan hin guutne yoo ta'e akka qabeenya hin sochoonetti fudhatamu.

Qabeenyi socho'uus akka qabeenya hin sochoonetti yeroon itti fudhatamuu danda'an ni uumama. Fakkeenyaaf: tiraakteeronii dhaabbiin qonna tokko oomishuuf kan ramadaman yoo ta'e lafa sana waliin akka qabeenya hin sochooneetti ilaalamuu ni danda'u.

Qabeenya hin sochoone

Qabeenya hin sochoone kan jedhaman gosa garaagaraatti qooduun ilaaluun kan danda'amu dha. Kanneen keessaa isaan bu'uuraa kan jedhaman haala armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

1. Uumamuma isaanitiin qabeenya hin sochoone kan ta'an (immovable by their nature)
2. Qabeenya socho'u ta'ee walitti dhufeenya qabeenya hin sochoone waliin qabuu fi faayidaa kennu waliin wal bira qabamee yeroo ilaalamu akka qabeenya hin sochoonetti yeroo fudhatamu (immovables by their destination)
3. Mirgoota kabachisuu fi faayidaa inni kennuun yeroo ilaalamu akka qabeenya hin sochoonetti fudhatamuu (immovables by the object to which they apply)

Ibsa isaan kunniin of- keessatti haammatan akka armaan gaditti ilaaluuf yaala.

1. Uumamuma isaanitiin qabeenya hin sochoone kan ta'an

Uumamuma isaanitiin qabeenya hin sochoone kan jedhaman kanneen akka lafaa, mukkeen, manoota fi kanneen kana fakkaatan dha.

- a. Mukkeen lafa irratti biqilanii hanga jiranitti qabeenya hin sochoone dha.

Lafaan ala qodaa keessatti kan biqilan yoo ta'e (kanneen akka abaaboo) yeroo ta'an garuu qabeenya socho'u ta'u. Garuu mukkeen osoo hin muramiin lafa irra yeroo jiranitti yookan gurgurtaaf yookan haala biraan gara nama birootti kan darbe yoo ta'e akka qabeenya socho'anitti fudhatamu (movables by anticipation). Fakkeenyaaf: obbo "a"n xaafii bilchaate garuu immoo kan hin haamamne obbo "b" ti yoo gurgure xaafiin kan hin haamamne yoo ta'e illee akka qabeenya socho'utti fudhatama. Kun waanti argisiisu seerri walitti dhufeenya namootaa eeguuf jecha kan uume ta'uu isaati.

- b. Gamoowwanii fi manneen lafaan wal-qabataniin ijaaraman

Akkuma beekamu gamowwaan ijaaruuf waantootni garaa garaa ni barbaachisu. Gamocha ijaaruuf waantootni barbaachisaan kophaatti yeroo ilaalamaan gamoo ijaarsaa kanaaf osoo hin ooliin duraan yookan amala isaanii duraa yeroo ilaalamaan qabeenya socho'u kan turan yoo ta'e illee gamoo kana keessaatti erga makamanii booda garuu qaama gamoo yookan manichaa waan ta'aniif akka qabeenya hin sochoone ta'uu fudhatamu.

2. Qabeenya socho'u ta'ee walitti dhufeenya qabeenya hin sochoone waliin qabuu fi faayidaa kennaniin wal bira qabamee yeroo ilaalamu akka qabeenya hin sochoonetti kan fudhatamu.

Qabeenyi kunniin uumama isaanitiin qabeenya socho'aan ta'anii beekamtii ykn kalaqa seeraatiin qofa akka qabeenya hin sochoonetti kan lakka'aman dha. Fakkeenyaaf: qotiyyoota, tiraakteeroota fi meeshaalee biroon hojii qonnaa irratti yeroo bobba'an yookaan hojii kanaaf jecha yeroo ramadamaan; warshaan tokko hojii isaa raawwachuuf konkolaataa, maashinoota biroo fi kkf sababa barbaachisaniif konkolaattotaa fi maashinootni warshaalee waliin akka qabeenya hin sochooneetti lakka'amu. Hojii qonnaa fi warshaa raawwachuuf qabeenyi fayyadan kunniin waantoota dabalataa (Accessories) jedhamuun yaamamu. Waantootni dabalataa (Accessorie) qabeenya hin sochoone jedhamanii yaamamuuf haaldureewwan lama guutamuu qabu.

- a. Uumamumaan qabeenya hin sochoonee fi waantootni dabalataa sun dhaalmaa (patrimony) tokko (qabeenya nama tokkoo) irraa kan dhufe ta'uu qaba.
- b. Uumamaan qabeenyi qabeenya socho'u ta'e qabeenya hin sochooneef tajaajila akka kennuuf kan oole ta'uu qaba. Fakkeenyaaf: gommaan konkolaataa tokko kallattiidhaan hojii warshaa raawwachuuf kan tajaajilu waan hin taaneef akka qabeenya hin sochooneetti hin lakkaa'amu.

Qabeenya hin sochoone irratti raawwatiinsi seerummaan jiru waantoota dabalataa irrattis raawwatiinsa ni qabaata. Fakkeenyaaf: warshaan tokko konkolaataa warshaa keessa tajaajilu (hojii warshaadhaaf) waliin wabiidhaan qabamuu ni danda'a. Waantootni dabalataa abbaa qabeenyaattin qabeenya hin sochooneen irraa adda kan baafaman yoo ta'an qabeenyaa hin sochoone ta'uun isaanii ni dhaabata.

3. Kallattii mirgoota inni kabachiisuu fi faayyidaa kennuun akka qabeenya hin sochoonetti yeroo ilaalamu (immovable by the object to which they apply)

Akka qabeenya hin sochoonetti kan ilaalaman kunniin qabeenya hin sochoone irratti mirgoota raawwatiinsa qaban dha. Asi irratti mirgootni kunniin kan socho'aan ykn hin sochoone ta'uu waanti beekamu hin jiru. Yaa ta'u malee mirgootni kunniin hojii irra ooluu kan danda'aan jiddugaleessaan qabeenya hin sochoonetti fayyadamuun yoo ta'e mirgootni kun akka qabeenya hin sochoonetti fudhatamu. Fakkeenyaaf: mirgoota itti fayyadama qabeenyaa (servitude right) fi alaabaa (usufructuary right) ilaaluun ni danda'a.

Faayidaa qabeenyi tokko qabeenya socho'uu fi hin sochoone jechuun qoodamuun qabu;

1. **Qabeenya kana argachuuf karaan itti gargaaramnu lamaan isaaniif iyyuu garaagarummaan kan jiru ta'uu isaati.**

- Qabeenya socho'u tokko kallattiidhaan qabeenyichaa qabachuu (by occupation) abbaa qabeenyaa ta'uun ni danda'ama. Fakkeenyaaf: Kanniisa kan qabate, qabeenya isaa keessaa meeshaa awwalamee ture kan argate, meeshaa bade kan argate abbaa qabeenyaa kanniin ta'a. S/H/H keewwata 1151....fkkf.

- Qabeenya hin sochoone yoo ta'e garuu, darbiinsa yeroon (usucaption) S/H/H keewwata 1168 yoo ta'e malee qabachuu (by occupation) qofan abbaa qabeenyaa ta'uun hin danda'amu.

2. **Karaa mirga abbaa qabeenyummaa itti darbu lamaan jidduutti garaagara:**

Kunis qabeenyi socho'u tokko nama tokko irraa gara nama birootti darbuu kan ittiin danda'u haala salphaan meesha dabarsanii kennuun dha. (S/H/H keewwata 1185, 2274, 2395 fi 2444(1) tuquun ni dada'ama).

Qabeenya hin sochoone ilaalchisee garuu ulaagaalee seeraan ka'aman guutne malee qabeenyichi nama tokko irraa gara nama birootti dabarsuun hin danda'amu. Waliigalteen qabeenya dabarfamuuf bu'uura ta'e barreeffamaan ta'uu qaba; waliigaltee raawwachiisuuf qaama aangoo qabu duratti raawwatamuuu qaba; akkasumas qaama dhimmi ilaalu biratti galmaa'uu qaba. (S/H/H kwt.1723, 2877-2879 akka fakkeenyaatti ka'u). Kana malees keewwata 2443 eeruun ni danda'ama.

3. Mana murtii aangoo abbaa seerummaa qabu adda baasanii beekuuf nama gargaara.

Qabeenya socho’u ilaalchisee himannoon kan dhiyaatu mana murtii bakka himataan jiraatutti yookaan waliigalteen yoo jiraate immoo bakka waliigalteen itti taasifame ykn bakka waliigalteen itti raawwatutti. (S/D/F/S/ keewwata 24)

Himannoon qabeenya hin sochoone ilaalchisee dhiyaatu garuu bakka himannoo kanaaf sababa kan ta’e qabeenya hin sochoone mana murtii argamuutti dhiyaata. (S/D/F/S keewwatas 26)

4. Liqaa qabsiisuuf illee garaa garummaan lamaan gidduutti ni muldhata.

Qabeenya socho’u liqaadhaaf qabsiisa (pledge) kennuun kan danda’amuu yoo ta’u (S/H/H keewwata 2825...kkf), (qabeenya socho’aan addaa kanneen akka doonii, xayaaraa fi kkf moorgajii ta’uu kan danda’an akkuma jirutti). Qabeenya hin sochoone ilaalchisee garuu liqaadhaan qabsiisuun kan danda’amu gama moorgeejjin qofa dha (S/H/H keewwata 3041..fi kkf).

5. Lamaan gidduu garaagarummaa darbiinsa yeroo jiraachuu

Qabeenya socho’uuf darbiinsi yeroo seeraan ta’e gabaabaa yoo ta’u (fakkeenyaaf S/H/H keewwata 1165, 1192) qabeenya hin sochooneef darbiinsi yeroo seeraan ta’ee yeroo dheeraa ta’uu isaati.(S/H/H keewwata 1168).

6. Ilaalcha gaariin qabeenya tokkoof abbaa qabiyyee ta’uun abbaa qabeenyummaa argachuu

Namni qabeenya socho’u tokko ilaalcha gaariin qabate abbaa qabeenyummaa qabeenyaa argachuu kan danda’u yoo ta’u (S/H/H keewwata 1161) qabeenya hin sochoone ilaalchisee garuu ilaalcha gaariin qabachuun abbaa qabiyyee kan nama taasisu miti.

7. Mirga abbaa qabeenyummaa qabeenyaa mirkaanessuuf haalota garaa garaatu barbaachisuu.

Mirga abbaa qabeenyummaa qabeenyaa socho'aanii mirkaaneessuuf abbaa qabiyyee qabeenyaa ta'uun mirga abbaa qabeenyummaa kan tilmaamsisuu dha (S/H/H keewwata 1193). Mirga abbaa qabeenyummaa qabeenya hin sochoonee hubachisuuf waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa dhiyeessuu barbaachisa (S/H/H keewwata 1194-1196)

8. Qabeenya kennaan yookaan dhaalaan argame dhaaluu ilaalchisee

Dhaalchisaaf qabeenya hin sochoone dhaalaan yookaan kennaan karaa toora abbaa isaa yookaan akaakayyuu isaa tokko irratti argaman gara dhaaltoota toora haadha isaa irratti argamanitti dabarsuu hin danda'u. Akkasumaas toora haadha yookaan akaakayyuu isaa toora kana irratti argamaan irraa gara toora abbaa ykn akaakayyuu isaatti dabarsuu hin danda'u (S/H/H keewwata 849, 1088). Qabeenya socho'u ilaalchisee garuu ulaagaaleen qabeenya hin sochoneef taa'e osoo hin barbaachisin seeraan sadarkaa dursaa akka dhaalaniif dhaamoon osoo hin barbaachifne dhaaltootaa dhaalchisuu ni danda'a.

9. Mucaa umuriin isaa gaa'ilaaf hin geenye ilaalchisee qabeenya socho'u guddisaan isaa gurguruuf aangoo kan qabu yoo ta'u qabeenya hin sochoonee ilaalchisee garuu kan ofi keessatti haammate miti (S/H/H keewwata 288)

Qaama guutuu waanta tokkoo fi Dabalataa (Intrinsic elements and Accessories) (S/H/H keewwata 1131-1134)

Qaama guutuu waanta tokkoo (Intrinsic elements) (S/H/H keewwata 1131- 1134)

Akkuma beekamu qabeenya hin sochoone kan jedhamu tokko waantoota garaa garaa irraa kan hojjetame yookaan ijaarame dha. Haala biraan yoo ibsamu walitti makamiinsa waantoota garaa garaa yookaan bu'aa walitti galamiinsaa jechuun ni danda'ama. Wantootni wal keessa gale yookaan wal ta'uun kan ijaaramaan ta'uu isaaniin bu'uura irraa yookaan guutuu qaama irratti midhaa osoo hin geesisiin adda bahuu kan hin dandeenye dha. Waanti tokko guutuu qaama

waanta biraati jechuuf karaa lama ibsamuu kan danda’u ta’uu hubannoo keessa galchuun barbaachisaa dha (S/H/H keewwata 1132).

1. Kan jedhame barmataan guutuu qaama bu’uuraa wantichati yoo jedhame dha.

Fakkeenyaaf: i. Namni tokko konkolaataa biteera yoo jedhame baratamaan kan jedhamu gommaa konkolaataas kan hammattu dha.

ii. Sarvisii mana tokkoo yookaan manni fincaanii baratamaan kan jedhamu akka guutuu qaama bu’uura manaa akka ta’eetti fudhatametti lakka’ama. Baratama yoo jedhamu garuu dhimmichi irraa deddeebi’amee kan ittiin hojjetamee fi argame jechuu akka ta’e hubatamuu qaba.

Qabeenya biraa waliin kan wal makame yookaan wal qabate ta’ee, kan wal-keessa galee fi addaan baasuun yeroo barbaachiseetti dhimma (qabeenya) bu’uuraaa yookaan kutaa guutuu irra midhaan osoo hin geenye addaan baasuun rakkoo kan ta’u yoo ta’e. Miidhaan dhaqabe kun (qabeenyi yoo addaan bahu) taajaajilaa fi bu’aa qabeenyichi kennuu hir’isuu yookaan hir’achuu jiraachuun tilmaama keessa kan galu miti.

Dabalataan mukkeeniif; midhaanni haala addaan guutuu qaama lafaa akka ta’an seera hariiroo hawaasaa keesstti hammatameera (S/H/H keewwata 1133). Kunis osoo lafa irraa addaan hin bahiin yeroo jiranitti guutuu qaama lafaa akka ta’anitti kan fudhatamanii dha. Guutuu qaama lafa kanaa ta’uun isaa kan dhaabatu:

- a. Lafa irraa adda bahuun ofi danda’anii qaama qabatamaa qabeenya socho’anii qaban yoo ta’an.
- b. Lafa irraa osoo addaan hin bahiin waliigalteen ifatti gara nama biraatti kan dabarfame yoo ta’e.

Waanti tokko guutuu qaama waanta biraati jechuun bu’aa seeraa maal hordofsiisaa? (S/H/H keewwata 1134)

1. Qabeenya adda bahe tokko ta’uu isaa addaan kuta. Qabeenyi bu’uuraa kan gurguramee yookaan haala biraatiin gara nama birootti kan darbe yoo ta’e kutaan guutuun sun illee waanta bu’uuraa waliin dabarfama.

2. Guutuu qaama waanta dhimma tokkoo osoo hin ta'in mirgi qaamni 3^{ffaan} waanticha irratti qabaachaa ture guutuu qaama dhimma tokkoo erga ta'aniin booda ni dhaabata (addaan cita).
3. Qaamni 3ffaan gama (karaa) biraatiin mirga isaa kabachiisuu ni danda'a. Fakkeenyaaf: seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaa irratti gaafachuu ni danda'a. Akkasummaas seeraan ala duroomuudhan ittigaafatamummaa qabachuu ni danda'a.

Fakkeenya tokko gargaaramuun (fudhachuun) dhimmicha ifa gochuun ni danda'ama. Obbo "a" qarshii isaan cirracha bituudhaan mana isaa cinatti buusee jira. Obbo "b"n ammoo osoo Obbo "a" hin hayyamsiisiin cirracha isaa walakkaa fudhachuun ijaarsa mana isaatiif oolcheera. Obbo "d"n ammoo mana ijaarame kana obbo "b" irraa biteera. Kana irraa ka'uun obbo "a"n obbo "d"dhaan manni bitte ashawwaa kiyya fayyadamamee kan ijaarame waan ta'eef naaf deebisi jechuu hin danda'u. Waanti gochuu danda'u seera biroo fayyadamuun obbo "b" himachuun cirracha kiyya naaf deebisi jechuu yookaan midhaa na dhaqabeef kasaraa na kafalli jechuu qaba.

2.1.4.2 Waantoota Galtoo (dabalataa)(accessories) S/H/H keewwata 1135-1139

Waantoota galtoo (dabalataa) jechuun qabeenya hundeeff (bu'uuraaf) faayidaa diinagdee dhaabataa gosa qabeenya kennuu danda'uu dha. S/H/H keewwata1136 irraa akka hubatamuu danda'uutti hiikaan waantoota galtoo (dabalataa) ulaagaa madaalli lama of keessatti qabee argama.

1. Abbaa qabeenyaa yookaan itti fayyadamaa alaabaa namni ta'e qabeenya bu'uuraatiif waanta galtoo (dabalataa) yookaan tajaajilaa jedhee kan ramade ta'uu qaba.
2. Waanti galtoon (dabalataa) kun waanta bu'uuraa kana tajaajiluuf dhaabidhaan kan ramadamee ta'uu qaba. Fakkeenyaaf: abbaan konkolaataa tokko utubduu (kiriikii) baatee kan adeemuuf akka dabalatatti konkolaataan kun akka itti fayyadamamuu fi gargaaramuuf akka ta'e tilmaamuun nama hin rakkisu.

Kanaaf qotiyyoon qonnaa lafaaf, mashinarootni warshaadhaaf, furtoon balbala manaaf, konkolaatotaaf meeshaalee jijjiirraa konkolaataa waantoota dabalataati. Waantootni galtoon (dabalataa) yeroodhaaf qabeenyaa bu'uuraa irraa yoo addaan bahan illee amala galtummaa (dabalamummaa) hin gadhiisan(S/H/H keewwata 1137).

Waanti tokko galtoo yookaan dabalata waan biraatti jechuun bu'aa seerummaa inni argamsiisu maalii (S/H/H keewwata 1138)?

1. Waanti tokko qabeenya dabalataa osoo hin ta'iin dura qaamni 3^{ffaan} qabeenya kana irraatti mirga kan qabu yoo ta'e qabeenya dabalataa qabeenya biroo erga ta'een boodas mirgi ture akkuma eegametti itti fufa. Qabeenyi bu'uura yoo gurgurame illee qabeenyi dabalataa qabeenya bu'uura waliin kan jiru illee akka waan gurgurameetti hin lakkaa'ama. Kunis ta'uu kan danda'eef qabeenyi dabalataas qabeenyi bu'uuraas jireenya dhuunfaa isaanii waan qabaniif.
2. Qabeenyichi qabeenya dabalataa qabeenya biroo osoo hin ta'iin dura waliigaltee barreeffamaa keessatti qabeenya bu'uuraatiif qabeenya dabalataatti jedhee waanti ibsu kan hin jirre yoo ta'e mirgi namni 3ffaan qabeenya kana yaada gaariin argate mirgi isaa eegamaa dha. Fakkeenyaaf: Obbo "a" n abbaa qabeenyaa warshaa ti.
Obbo "b" n abbaa qabeenyaa konkolaataa fe'umsaa ti.
Obbo "b" n konkolaataa isaa obbo "a" n akka itti fayyadamuuf kenneef.
Obbo "d" n obbo "a" irraa warshaa fi konkolaataa (konkolaataa obbo "b" kan ture jechuu dha.) bite. Haala kanaan obbo "a" fi "b" waliigaltee konkoolaataan isaa gara biraatti akka hin dabarsineef kan waliigalaan yoo jiraate malee obbo "d" abbaa qabeenyaa konkolaataa ta'a.
3. Waanti nama shakkisiisu yeroo jiraatutti mirgootnii fi gochootni qabeenya bu'uuraatiif ta'an qabeenya bu'uura waliin qabeenya dabalataa ta'uu kan argamaaniifis ni ilaalata yookaan hojjeeta (S/H/H keewwata 1135). Fakkeenyaaf: jijjiraa konkolaataaf gommaa yookaan olkaaftuu (kiriikiin) waliigaltee addaan konkolaataa waliin kan gurguramee yoo ta'e malee akka waliin gurgurameetti lakkaa'ama. Haala biraan immoo gommaan kun konkolaataa keessatti kan argame yoo ta'e falmisiisaa waan ta'uuf konkolaataa waliin akka ta'etti lakkaa'ama. Kun ta'uun isaa garuu haqummaa qabachuu fi dhabuun kan wal-falmisiisu ta'uu danda'a.
4. Qabeenyi dabalataa abbaa qabeenyaa duraatiif kan deebi'uuf yoo ta'ee, qaamni 3^{ffaan} yaada gaariin qabeenya bu'uura irraa adda bahuu hin qabu jechuudhaan kan bitan yoo ta'e namoota itti gurguree irraa mirgi kasaaraa gaafachuu kan eegame dha.

Kanumaan wal qabatee waa'een qaama 3^{ffaa} S/H/H keewwata 1138(1) fi (2) jalatti kan ta'e ni jira. Haata'u malee keewwata kana muraa 1 fi 2 jidduu garaa garummaan jiru ka'uu irratti iftoominni kan itti hir'ate fakkaata. Akka barreessaa kitaabichaatti muraan laman keewwata kanaa qabeenyi dabalataa qabeenya bu'uuraa waliin dabalamee yeroo gurguramu bu'aa inni hordofsiisu kan ibsani dha.

Kunis, keewwata 1138 muraa 1 jalatti qaama 3^{ffaa} kan jedhu kan agarsiisu abbaa qabeenyaa qabeenya dabalataa ta'ee qabeenyi dabalataa kun qabeenya bu'uuraa waliin osoo walitti hin makamiin (hin qabatiin) mirga duraan ture itti fufee kan jiru mul'isuuf kan taa'e dha. Kana jechuunis qabeenyi bu'uuraa nama biroof darbuun isaa qabeenyi dabalataa waliin darbuu isaa kan mul'isu miti. Sababni isaas dhuunfaa dhuunfaadhaan amala ofii isaanii waan qabaniif.

Keewwata 1138 muraa 2 jalatti qaama 3^{ffaa} jechuun kan ta'e kan agarsiisu garuu qabeenyi bu'uuraa nama darbeef dha. Muraa 1 jalatti kan argisiifame mirgi qaama 3^{ffaa} (mirga abba qabeenyaa qabeenya dabalataa) abbaa qabeenyaa qabeenya dabalataa fi bu'uuraa waliigaltee barreeffamaa ifatti ta'e yoo raawwatan irraan kan hafe yaada gaariin namoota bitan irratti mormiin dhiyaachuu akka hin dandeenye kan ibsu dha. Kana irraa waanti hubatamuu danda'u keewwata kana muraan 2 muraa addaa keewwata kanaa ta'uu isaa ti.

Qabeenyi tokko dabalataan qabeenya biraa waliin (qabeenya socho'u ykn hin sochoone) akkamitti akka wal qabatu erga ilaalee akkamittis qabeenya dabalataa ta'uun isaa hafa kan jedhuuf deebii kennuun barbaachisaa dha. S/H/H keewwatni 1139 qabeenyi amala dabalammummaa yeroo kam akka dhaabatu argisiisuuf dhimmoota lama ibsuun ka'a.

1. Qabeenyi dabalataa yoo qabeenya bu'uuraa waliin kan wal make yookaan wal fudhate ta'ee fi addaan baasuufis midhaa yookaan bu'aan ala ta'uun osoo irratti hin raawwatiin ta'e qofa.
2. Abbaan qabeenyaa qabeenyi dabalataa amma irraa eegalee qabeenya dabalataa jedhamuu hin danda'u ykn qaama qabeenya bu'uuraa ta'eera jechuun yoo beeksisee dha.

2.2 Qabeenya Qabatamaa fi Qabatamaa hin taane (Corporeal and Incorporeal Things)

Gosti qoqqoodiinsa qabeenya akkasii kan irratti hundaa'e qaama qabeenyummaa fi qaama dhabeenyummaa kan bu'uureffate dha.

Qabeenya qaama qabatamaa (corporeal chattels)

Qabeenyi qaama qabeeyyii qaban jedhaman haa baayatus haa xiqqaatuus qabatamuu kan danda'an dha. Qabeenyi akkasii kunnin safaramuu, madaalamuu, lakka'amuu fi kkf ta'uu kan danda'an ta'ee kan akka midhaan, huccuu, kitaaba, konkolaataa, teeleviiziiyoona, raadiyoo, manneen, horiiwwaan fi kkf of keessattis kan hammate dha. Qabeenyi amala qaama qabeeyyii qaban qabeenya socho'uu ykn sochoo'uu hin dandeenye ta'uu ni danda'a.

Qabeenyi socho'uu qabeenya socho'uu addaa fi qabeenya socho'uu addaa hin taane jechuun qodamuu danda'a. Qabeenya socho'uu addaa kanneen ta'an xayyaara, konkolaataa, baabura, doonii fi kkf dha. Kunis ta'uu kan danda'eef abbaa qabeenyummaa qabeenya socho'uu addaa nama biratti dabarsuuf waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa mul'isuu qabaachuu fi galmeessuun barbaachisaa waan ta'eef. Qabeenya socho'uu addaa kanneen hin taane ammoo qabeenya socho'uu addaa ala ta'an hunda of keessatti kan hammate dha.

Qabeenyi qaama qabatamaa ta'an haala biraatiin qabeenya dhumataa fi dhumataa hin taane (consumable and non consumable) jedhunis ibsamuu ni danda'u. Kana malees qabeenyi kun maalummaan isaanii adda bahee beekamuu kan danda'uu fi hin dandeenye (fungible and non fungible goods) jedhamuun ilaalamuu ni danda'u. Maalummaan isaanii adda bahee beekamuu kan danda'uu jechuun hangaan, lakkoofsaan, madaalliin beekamuu kan danda'anii fi kaayyoo walfakkaatadhaaf walii waliissaaf jijjiiramuu kan danda'u dha. Fakkeenya maalaqa tuquun ni danda'ama. Maaalummaan isaanii adda bahee kan beekamuu hin dandeenye garuu madaallii kamiin illee madaalamuu, tilmaamamuu fi kkf ta'uu kan hin dandeenye dha. Fakkeenya hojii aartii, halluu dibuu fi kkf ibsuun ni danda'ama. Haala biraatiin immoo qabeenya abbaa qabeenyaa (things appropriated) yookaan qabiyyee harka nama keessa gale fi kan hin galle yookaan abbaa qabeenyaa hin qabne (things which have no owner or not appropriated) ta'anii abbaa qabeenyaatiin garuu qabamuu kan danda'an dha (things which are susceptible of

ownership or appropriation). Fakkeenya abbaa qabeenyaan yookaan qabiyyeen kanniisa hin to'atamne ibsuun ni danda'ama.

Qabeenya Qaama Qabatamaa Hin Taane (Incorporeal things) (S/H/H keewwata 1128 fi 1129)

Qabeenyi akka kanaa ijaan argamuu yookaan harkaan qaabatamuu kan hin dandeenye qabatamaa kan hin taane dha. Qabeenyi akkasii seeraan akka waan jiruutti tilmaamama yookaan beekamtiin kan kennameef malee qaama qabatamaan yookaan dhugaatti (sirritti) kan mul'ataan miti. As jalatti kanneen hammatamaan maqaa gaarii daldala keessatti mul'atuu (good will) fi kanneen biroo daldala jalatti ramadaman: (seera daldalaa keewwata 124 fi 127, fi keewwattoota daldalaa biroo kan ilaalatu), gaaffii naaf malaa (claims), poolisii inshuransii, bobbocawwaan, qabeenya sammuu. Fakkeenya: mirga waa uumuu fi kalaqaa (patent and copy right) fi kkf dha. Mirgootni qabeenya kanniinii akkuma mirgoota qabeenya qaama qabeeyyii heera mootummaa Rippaabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa keewwata 40(2) jalatti eegumsi akka taasifamuuf ta'eera. Keewwata kana jalatti lammiiwwaan dandeettii uumuu isaaniitiin qabeenyi argataan haala qabatamummaa osoo hin qabaatiin bu'aa gatii qabu jechuun tumeera. Seera hariiroo hawaasaa keewwata 1228 fi 1129tiin akka ibsameetti mirgoota maalaqummaa fi qaama dhabeessa ta'an ragaa dhiyeessaaf kenname keessatti yeroo argamu; akkasumas kanneen akka eleekitiriikaa gatii diinagdee kan of keessaa qaban humnoota uumamaa seerri fallaa ta'e tumamee hanga hin jiraannetti to'annoo namaa jala jiranii fi tajaajila namaaf oolaa jiran yoo ta'e akka qabeenya socho'anitti akka ilaalamaan (lakka'amaan) ibsamee jira. Seerri qabeenyaa mirgoota qaama sanada dhiyeesseef kennamu qofa ibsuun maaliif nama maqaan isaa ibsameef (specified name) yookaan nama ajajameef (to order) sanadoota daddabarfamaniin wal qabatee osoo hin haguugin maaliif akka darbe ifaa miti (seera daldalaa keewwata 719 ilaalata). Qabeenyi qaama qabatamaa yookaan amala qabatamummaa hin qabne mirgoota hedduu horachuu qofa osoo hin taane mirgoota dabarsuu ilaalchisee illee bu'uura S/H/H keewwata 2411 haguugamee jira.

Barbaachisummaa qabeenya qaama qabeeyyii fi dhabeeyyii jechuun qooduun ilaaluu:

Qoqqoodinsi bifa akkanaa kan barbaachiseef qaamaan qabatamuu kan danda'uuu fi hin dandeenye, ijaan argamuu kan danda'anii fi hin dandeenye fi kkf jechuun qooduuf nama gargaara. Haalota lammanuu keessatti mirgi qabeenya akkaataa ittiin argamuu fi dabarfamu

garaagara ta'uu isaa; kunis qabeenyi qaama qabeeyii ta'an qabeenya kanniin fudhachuun (argachuun) yookaan bu'uura galmeessa ragaan dabarfamuu kan danda'u yoo ta'u mirgootni qabeenyaa qaama qabeeyyii hin taane nama tokko irraa gara nama birootti dabarsuun kan danda'amu barreeffamaan qofa dha.

2.3 Kallattii Qabeenya Abbaa Qabeenyummaan Qabeenya Dhuunfaa Fi Uummataa

Qabeenya dhuunfaa (private property) kan jedhamu namni tokko yookaan namootni muraasni abbaa qabeenyummaan kan qabatan ta'ee jiddu lixiinsa qaama biraa fi seeraa malee gara qaama sadaffaatti darbuu kan danda'uu ta'ee yaada gaariin qabachuu fi darbiinsa yeroon mirga abbaa qabeenyummaa kan argamsiisu dha. Abbaa qabeenyummaa uummataa jalatti qabeenyi argamuu garuu qabeenya uummataa ta'uudhaan kan beekamu ta'ee gara qabeenya dhuunfaatti dabarfamuu kan danda'u karaa uummata bakka bu'uudhaan mootummaan bulchaa kan jiruni dha. Qabeenya gosa akkanaa yaada gaarii fi darbiinsa yerootiin abbaa qabeenyaa ta'uun hin danda'amu.

Akka waliigalaatti, qabeenyi karaa garaa garaatiin qoodamuu (gosoomuu) akka danda'aan ilaaleera. Kunis qabeenya socho'uu fi hin sochoone isaan bu'uuraa yoo ta'an qabeenyi socho'an ofiin yookaan humna namaan miidhaan osoo irra hin gahiin yookaan amala uumamaa isaanii osoo hin jijjiiriin amala meeshummaa qaban qabatanii deemuu yookiin adeemsifamuu kan danda'an dha. Qabeenya hin sochoone kan jedhaman immoo uumamuma isaanitiin qabeenya hin sochoone kan ta'an yookaan qabeenya socho'u ta'ee walitti dhufeenya qabeenya hin sochoone waliin qabuu fi faayidaa kennu waliin wal bira qabamee yeroo ilaalamu akka qabeenya hin sochoonetti yeroo fudhatamu yookaan mirgoota kabachisuu fi faayidaa inni kennuun yeroo ilaalamu akka qabeenya hin sochoonetti fudhatamaan dha. Qoqoodiinsi kan biraan karaa qabeenya gama abbaa qabeenyummaatiin jiru qabeenya dhuunfaa fi uummataa akkasumaas gama qaaman to'atamuun yoo ilaalamu qaama qabeessaa fi qaama dhabeessa jechuun kan qoqqoodamaan dha. Akka haal dureetti barbaachisummaan qoqqoodinsa qabeenyaa garaa garummaa tooftaa qabeenyi ittiin argamuu fi ragaan barbaadamu adda adda ta'uu isaa ti.

Qabxiilee Marii

1. Manoonni sosocho'an kanneen akka dunkaanaa ta'an maal jalatti ramadamu? Qabeenya socho'uu moo hin sochoonee?
2. Biqiltuwwan meeshaa keessatti biqilfamaan hoo?
3. Teelefoonni qaama guutuu mana tokkoo ta'uu ni danda'aa?
4. Gomaan konkolaataa irratti hidhame qaama guutuu konkolaataa moo dabalataa tii?
5. Warshaan korkii fi dhugaatii lallaafaa jira yaa jennuu garuu hayyama abbaa korkii malee abbaa dhugaatii lallaafaaf korkiin kan gurgurame yoo ta'ee fi warshaan abbaa dhugaatii lallaafaa hojjeete erga xumureen booda yoo hubatamee (beekame) abbaa qabeenyummaa korkii kana addatti buqqisuun fudhachuun ni danda'amaa? Maaliif?
6. Qabeenyi qaama dhabeessa ta'e maaliif akka qabeenyaatti lakka'amaa?
7. Maliif qabeenyi socho'u qabeenya socho'u addaa fi addaa kan hin taane jedhamee akka qoodamu taasifamee?
8. Qabeenyi qaama qabeessa hin taane idaan qabamuu ni danda'aa? Alaabaaf ni kennamaa?
9. Qabeenya qabeenya socho'uu fi hin sochoone jechuun qoqqooduun maaliif barbaachisaa? Qaama guutuu fi dabalaataa jechuun hoo?
10. Namni tokko qabeenyummaan isaanii kan namoota biroo kan ta'e karaa seeraan alaa ashawwaa, simintoo, dhagaa, teendino, qorqorroo, elekitiriikaa fi kkf sassabee yoo fayyaadamee lafa mana isaaf kenname irratti yoo hojjeete abbaan qabeenyaa mana kanaa eenyu ta'aa? Maaliif?
11. Ejensiin dhuunfaa (privatization) Itoophiyaa dhaabata kuduraa fi muduraa qabeenyummaan isaa kan mootummaa ta'e obbo Ba'iidiluuf gatii qarshii miliyoona sodomii shaniitti (35,000,000) itti gurgure. Yaa ta'u malee waliigalteen gurgurtaa dhaabatichii konteenaroota qinxaaboo kuduraa fi muduraa itti fayyaadamu bakka (iddoo) garaa garaatti kan argamaan ilaalchisee waanti jedhame hin jiru. Bittaa kan raawate konteenaroon waliigaltee keessatti hammatameera kan jedhu amantaa kan qabu yoo ta'u dhaabatichi garuu qaama waliigaltee hin taasifamne jechuun mormii dhiyeessera.

Ati abbaa seeraa osoo taatee dhimma kana irratti murtii akkamii kennita turtee?
Seeraan deggeruun murtii kenni.

12. Obbo Tawufiiti gara waggoota shaniif konkolaataa manaa marchadizii itti fayyadamaa turan adde Habtaamneshiif qarshii kuma dhibba tokkoon (100,000) itti gurgure. Guyyaa itti konkolaataa dabarsee kennu osoo hin gahiin konkolaataa waliin walitti kan jiru teepii irraa kaasuudhaan kophaa isaa gurgure. Dabalataanis gomaa jijjiira tokko gurgure. Guyyaan itti konkolaataa fudhatamu gaafa gahu bittuun teepii fi gomman jijjiirraan ka'uu (kan hin jirre) ta'uu hubate. Adde Habtaamnesh teepii fi gommaa jijjiirraa kana kan bite obbo Garameewuu irratti himannoo dhiyeessuu ni dandeessii?
13. Akka seera Itoophiyaatti waliigalteen qabeenya hin sochoone ilaalchisee taasifamu barreeffamaan ta'uu akka qaban ni tuma. Obbo Habteen lafa isaanii irratti biqilchanii kan guddisan biqiltuwwaan 1000 (kuma tokkoo) fi lafa keessaa qotuun dhakaa konkolaataa fe'umsaa 10 obbo Saxachewuuti gurguruuf walii galu. Waliigalteen isaanii barreeffamaan ta'uu fi ta'uu dhabuu, galmeessuus kan barbaachisuu fi hin barbaachifne ta'uu garuu waanti beekan hin jiru. Kanaaf ati gorsa seeraa akka kennituufiif si gaafataniru seera bu'uura godhachuun gorsa kenniif.

3. Waa'ee Qabiyyee (possession)

Kaayyoo leenjii kanaa:

Leenjifamtootni mata duree kana leenji'anii erga xumuranii booda:

1. Maalummaa abbaa qabiyyee ni ibsu.
2. Akkaataa mirgi qabiyyee itti argamuu fi hafuu ni ibsu.
3. Mirga qabiyyee hanquu sababoota taasisan ni ibsu.
4. Haalota mirgi qabiyyee ittiin mirkanaa'u ni beeku.
5. Jeequmsi yoom humnaan akka ittifamuu fi murtiin akka dhaabatu ni beeku, ni ibsuus.
6. Himannoon jeequmsi narraa haa dhaabatuu seerichaan ni murteessu.

3.1 Hiikaa Qabiyyee

S/H/H keewwatni 1140 hiikoo kaa'een, “qabiyyee jechuun namni tokko waan tokko harka isaa keessa galchuun dhugumaan irratti ajajee yoo argame dha” jedha. Hiikoo kana irraa hubatamuun kan danda'amu qabiyyee jechuun qabeenya sochoo'u yookaan hin sochoone tokko haala falmisiisaa yookaan dhoksaa hin taneen to'annoo isaa jala galchuu irratti ajajuu danda'u jechuu dha. As irratti qabeenyicha to'achuu fi dandeettii ajajuu qabaachuu qofa osoo hin taane qabeenyichatti fayyadamuu fi gargaaramuu dabalata.

Namni tokko karaa garaa garaa abba qabiyyee ta'uu ni danda'a. Akka fakkeenyaatti: itti fayyadamaa alaabaa ta'uu, abbaa qabeenyaa ta'uu, qabeenya tokko wabiin (pledge) qabachuu fi kkf. Qabiyyeen nama tokkoo fi walitti dhufeenya qabeenya tokkoo jidduu jiru kan ibsu malee mirga abbaa qabeenyummaa kan ibsu jechuu miti. Silumayyuu mirga abbaa qabeenyaa caalaa mirga dhiphaa kan qabu dha.

3.2 Safartuulee (Madaaliwwaan) Jiraachuu Qabiyyee Mirkaneessan

- a. Meeshaan tokko (corpus) jiraachuu qofa osoo hin taane meeshaa kana qabiyyee isaa jala galchuuf yaadni (Animus) jiraachuu qaba. Kanaaf, qabxii kana kan nuuf ibsu yoo jiraate qabiyyee to'annoo isaa jala galchuu dabalatee yaada itti fayyadamuu fi itti gargaaramuu jedhu qabaachuu akka qabu ka'a.
- b. Qabiyyee kallattii hin taane yookan qabiyyee alkallattii ilaalchisee meeshaan harka nama biraatiin qabamee kan jiru ta'ee qabeenyaa to'achuu fi yaada itti fayyadamuu (intention) garuu abbaa qabiyyee waliin hafuu danda'a. Yeroo baay'ee yoo ilaalamu garuu yaadni (animus) meeshaan gara adeemutti hordofa jedhama.

Naannoo kanatti yaadotni bu'uura lama ni muldhatu.

1. Yaada bu'uura dhuunfummaa (subjective): yaada ogeessii seeraa Saavinii jedhamu hordofu ta'ee abbaa qabiyyee ta'uuf namni tokko waan tokko fedhii isaatiin ofii isaatiif jedhee kan qabate ta'uu qaba. Dhimmi bu'uuran ilaalamuu qabu fedhii fi yaada namichaa ti kan jedhu dha.

2. Yaada bu'uuraa waliigalamaa (objective): yaada ogeessa Heeringi jedhamuun kan adeemsifamu ta'ee namni tokko abbaa qabiyyeetti jedhamuuf yaada maalii qaba kan jedhuu osoo hin taane ilaalamuu kan qabu meeshaan harka eenyuu waliin jira kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Kunis qabeenyichi harka isaa keessa kan galche abbaa qabiyyee sanaa akka ta'etti tilmaamama.

Haalota Qabiyyeen Ittiin Argamuu fi Hafan

1. **Haala qabiyyeen ittiin argamu dhimmoota (waantota) lama of keessatti kan qabate dha.**

Halli inni tokkooffaan qabeenyicha qabatamaan to'achuu fi akka abbaa qabiyyeetti yaada itti fayyadamuu fi tajaajilamuu yoo qabaate dha. Akka qajeeltootti dhimmootni lamaan guutamanii argamuun dirqama yoo ta'u, haala addaan garuu lamaanuu garaagar ta'uu ni danda'u.

Fakkeenya: Namni dhibee sammuu qabu tokko dandeettiin yaaduu isaa dhabuu yookaan hir'isuu waan danda'uuf hayyamni eegduu (kunuunsituu) barbaachisaa dha. Gama biraan namni tokko qabeenya tokko to'annoo isaa jala galchuu ni danda'a haa ta'uu malee yaadni abba qabiyyummaa nama biraadhaan qabamuu ni danda'a.

Fakkeenya: Haalota bakka bu'aa fi bakka buusaa jiddutti mul'ataan tuquun ni muldhata.

2. Haalota Ittiin Qabiyyeen Hafan

- a. Haala ittiin qabiyyummaan hafu keessaa tokko haaldurewwaan abbaa qabiyyummaa laman kan hafe yoo ta'e dha.
 - Nama biraaf yoo darbe, qabeenyumti kun qaamumaan dabarfamee nama biraaf dabarfamuu ni danda'a. Akkasumaas dookumantii argachuun kan danda'amu dha. Jiddu gala waraqaa ragaan (dookumeentiin) dabarfamee darbuu kan danda'u qabeenya hin sochoonee fi qabeenya sochoo'u addaa ti.
 - Abbaan qabiyyee qabeenyichi na hin barbaachisu jechuun kan gate yoo ta'e.
- b. Yaada abba qabiyyummaa qabaatus qabeenyichi kan bade yoo ta'e. Fakkeenya: beeyiladiin yeroo badu.

- c. Yaadni abba qabiyyummaa ta'uu badee qabeenyichi garuu harka isaa keessaa osoo hin bahiin kan ture yoo ta'e.

Fakkeenya: qabeenyicha erga gurguree booda nama biteef osoo hin dabarsiin kan hafe yoo ta'e.

Bu'aa Qabiyyeen Gama Seeran Hordofsiisu

Abbaa qabiyyummaa ta'uun bu'aa inni hordofsiisu keessaa tokko abbaan qabiyyee himannaa dhiyeessuu fi akka abbaa qabeenyaatti tilmaamamuuf mirga qabaachuu dha. Raawwachuu kan hin dandeenye keessaa tokko abbaa qabeenyaa kan hin taane abbaa qabiyyee yoo ta'e qabeenyicha dabarsuuf mirga qabaachuu dhabuu ni dandaa'a. Abbaan qabiyyee akka abbaa qabeenyaatti tilmaamamuuf mirga qaba yoo jennu sababoota lamaafi.

1. Yeroo heedduu abbaan qabeenya tokkoo abbaa qabiyyee qabeenyichaa waan ta'eef
2. Namni tokko hayyama abbaa qabeenyaan ala abbaa qabiyyee ta'uun rakkisaa yookaan kan hin dandaa'amnee waan ta'eef.

Waantoota qabiyyeen guutuu akka hin taane taasisaan:

1. Itti fufiinsa kan hin qabne ta'uusaa:

Namni abba qabiyyee qabeenyaa ta'e tokko haala eeggannoo fi itti fufiinsaa qabuun qabiyyee isaatti fayyadamuu akka qabu ni eegama. Sababni isaas qabiyyee irratti fayyadamni itti fufiinsa kan hin qabne yoo ta'e namni tokko waanta tokko irratti qabiyyee qaba jechuun nama rakkisa. Kana jechuun garuu darbee darbee haalli addaan citiinsaa hin uumamu jechuu miti. Namni tokko waanta tokko irratti mirga abbaa qabiyyummaa qabaachaa ture addaan citeera yookaan hin ciitne jechuuf haala qabeenyichaa fi faayidaa inni kennuun adda bahuu ni danda'a. Fakkeenya: namni abba qabiyyee lafa qonnaa ta'e tokko lafa kana waqtii gannaa qofa itti fayyadamuu ni danda'a. Lafa qonnaa kana waqtii bonaa itti fayyadamuu dhiisuun isaa abbaa qabiyyee miti jechuu hin dandeesisu. Haalli addaan citiinsa darbee darbee kan uumamu ta'uun hafee dheeratee yeroo baratame ala kan ture yoo ta'e garuu walitti dhufeenyi abbaa qabiyyee fi qabeenyaa akka addaan citeetti waan ilaalamuuf abbaan qabiyyummaa jira jechuuf bu'uura S/H/H keewwata 1142 tiin rakkisa ta'a.

2. Qabiyyeen Humnaan Kan Argame Yoo Ta'e

Mirgi abbaa qabiyyummaa karaa nagaan kan argamee fi faayidaa irraa kan oolu ta'uu qaba. Qabiyyuummaan kan argame humnaan yoo ta'e garuu hanqina kan qabu dha jedhama. Adeemsa seerota tokko tokko keessatti waanti tokko humnaan kan argame yoo ta'e itti fufiinsa isaaf hanqina akka qabuutti lakkaa'ama. Adeemsa seerota heedduu keessatti garuu qabiyyeen humnaan argame tokko hanqina qabaatee kan inni turuu danda'u garuu hanga waggaa tokkoo qofati. Seerri biyya keenya garuu Seerri hariiroo waraabbiin Afaan Amahariffaa waggaa lama jechuun yoo ibsu waraabbiin Afaan Ingiliffaa garuu waggaa tokko ta'uu mul'isa. Kanaaf, akkaataa seera keenyaan abbaa qabiyyee namni ta'e tokko qabeenyi isaa humnaan jalaa fudhatame akka deebi'uuf yookaan jeequmsa itti uumame akka irraa dhaabbateef himannaa dhiyeessuu kan qabu waggoota lama keessatti dha. Namni qabiyyeen koo humnaan na jalaa fudhatame yookaan qabiyyee koo irratti jeequmsi umameera jedhu abba qabiyyee yoo ta'e malee namni biroon himannoo dhiyeessuu hin danda'u. Sababni isaas seerichi abbaa qabiyyee duraatti aansuun da'oo kan kenneef abbaa qabiyyee yeroo dhiyootiif waan ta'eef. Kunis S/H/H keewwata 1148 irratti ibsameera.

3. Qabiyyeen Dhoksaan Kan Qabame Yoo Ta'e

Akkuma mirgoota seera qabeessa biroo qabiyyeen faayidaa yookaan tajaajila irra ooluu kan qabu haala ifaa ta'ee fi ummatni beekuu danda'uun ta'uu qaba. Qabiyyee qabamee jiru beekuuf fedhii kan qabu hundi akka beekaniif ifatti mul'achuu qaba jechuu dha. Abbaan qabiyyee qabiyyee isaa haala ifaa fi namni biraan karaa (haala) beekuun kan itti hin fayyadamne yoo ta'ee fi dhoksaan qabachuun isaa itti yaade yoo ta'e qabiyyeen dhoksaan jechuu ni danda'ama. Qabeenyi dhoksaan qabame abbaan qabiyyee ana namni jedhu qabiyyee isaa deebifachuuf himannoo dhiyeessuu kan qabu waggoota lama keessatti dha. Haala biraan, namni qabeenya tokko dhoksaan qabatee ture dhoksaan itti fayyadamuu yoo dhiisee fi ifatti itti fayyadamuu yoo jalqabe abbaan qabiyyee duraas kana otoo beekuu kan callise yoo ta'e dhoksa ta'uun isaa hafutti dabalee abbaan qabiyyee dhihoo darbiinsa yerootiin guutummaa guutuutti abbaa qabiyyee haalli itti ta'uu danda'u uumamuu ni danda'a. Abbaan qabiyyee dhihoo yookaan haaraan kun qabiyyee isaatti fayyadamuu isaa yookaan qabiyyee isaa irratti jeequmsa nama itti uume irratti himannoo

dhiyeessuun yookaan akka barbaachisummaa isaatti humnaan mirga qabiyyee isaa ittisuu ni qabaata. Kunis bu'ura S/H/H keewwata 1146(2) tiin dha.

4. Abbaan Qabiyyee Dhugaa Jiraachuu Isaa Kan Shakkisiisu Yoo Ta'e

Namni tokko abbaa qabiyyee qabeenya tokkoo ta'uuf kan irraa eegamu haala shakkii yookaan waldhahaa kan hin taane yoo ta'e dha. Waanti nama shakkisiisu jiraachuu kan danda'u immoo ulaagaalee madaallii bu'uura qabiyyummaa keessaa tokko yoo bade yookaan dhabamee jechuun ni dandaa'ama. Haala addaan dhimmi kunis uumamuu kan danda'u namni tokko abbaa qabiyyee qabeenya tokkootii yookaan abbaa qabiyyeef qabeenyicha kan qabe kan jedhu adda baasuun rakkisaa yeroo ta'u dha.

Walumaagalatti, abbaa qabiyyee ta'uu ulaagaleen mirkaneessan jiraachuu fi jiraachuu dhabuu dhimmootni shakkisiisoon yeroo jiraatanitti abbaa qabiyyeetti jechuun rakkisaa dha. Kunis bu'ura S/H/H keewwata 1146(3) irratti kan hundaa'e dha.

3.3 Sababa Mirgi Qabiyyee Eegumsa Seeraa Barbaachiseef

Mirga qabiyyeef eegumsa seeraa sababni guddaan barbaachiseef tokkoon tokkoon lammii yookaan uummataa akkawaliigalaatti qabeenya isaa nageenyaan akka itti fayyadamuu fi tajaajilamu dandeesisuuf dha. Mirgi qabiyyee kun seera hariiroo hawaasaa irra darbee heera mootummaa Ripaabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa keessatti illee bakki guddaan mirga kennameefii dha. / keewwata 40/

Qabeenya yookaan qodaa tokko namni harka isaa keessa galche abbaa qabiyyee ti yeroo jedhamu dirqama qabeenya kana baatee deemuu qaba jechuu miti. Fakkeenyaaf; hojjeettuun mana tokko qabeenya mana keessaa hojjetu sababa qabattee jirtuuf abbaa qabiyyeetti jechuu hin dandeessu. Namni tokko nama biroof jedhee qabeenya of harkatti kan qabatu yoo ta'e qabeenyicha namni of harkatti qabe abbaa qabiyyee akka hin jedhamne seerri hariiroo ni ibsa. Maqaa nama biraan qabeenya qabuun jiraachuu kan danda'u abbaa qabiyyee namni ta'e nama biraa waliin waliigaltee taasiseen qabeenya isaa akka qabuuf haala kan uume yoo ta'e dha. Waliigalteen yeroo addaan citutti immoo qabeenyichi gara abbaa qabiyyeetti deebi'a jechuu dha. Karaa biraa immoo abbaa qabiyyee duraa namni ture booda irratti nama biroof mirga abbaa qabiyyummaa kan dabarse yoo ta'ee fi qabeenyicha garuu yeroo murtaa'eef abbaa qabiyyee isa

boodaaf osoo hin dabarsiin harka isaa keessa kan turse yoo ta'e abbaa qabiyyee ta'uun isaa hafee waa'ee nama biraaf qabeenya kan qabedha jedhama. Kanumaan walqabatee gaaffiin ka'uuf malu waa'ee nama biraaf qabeenya qabuun bu'aa inni hordofsiisu maal dha? kan jedhu yoo ta'u, nama biraa ta'uudhaan qabeenya qabuun bu'aan hordofsiisu:

- a. Qabeenya qabatee sana irratti darbiinsa yerootiin mirga abbaa qabeenyummaa mirkaneefachuu hin danda'u.
- b. Akka abbaa qabiyyeetti himannoo dhiyeessuuf mirga ni qaba.
- c. Abbaa qabiyyee waliin waliigaltee uumuun gara abbaa qabiyyummaatti jijjiiruu ni danda'a.

Karaa Qabiyyeen Itti Daddarbuu Fi Barbaachisummaa Daddarbuu

a. Karaa qabiyyeen ittiin daddarbu:

1. Namni abbaa qabiyyee ta'e qabiyyee isaa kallattiidhaan nama biraatiif yeroo darbarsu. (qabeenya yeroo dabarsu kennu) S/H/H keewwata 1143
2. Mirgi abbaa qabiyyummaa jiraachuu isaa ragaalee mirkaneessan abbaa qabiyyee haaraaf dabarsanii kennuun. Qabeenyi kunis ragaalee irraatti haala ifaa ta'een tokko tokkoon barreeffamee darbuu qaba. Darbiinsi qabiyyee gosa kana irraa caalmaatti waliigaltee fee'umsaan qabeenya daddarban ilaalata. S/H/H keewwata 1144(1) ibsameera. Wal falmiin nama raga qabiyyicha mul'isuu fi qabiyyicha to'aannoo isaa jala galchee jiru jidduutti yoo uumame yaada hammenyaa yookaan dabaa yoo qabatee malee namni qabiyyicha of harkaa qabu mirga dursaa argata. S/H/H keewwata 1144(2) irratti ibsameera.
3. Abbaan qabiyyee duraa qabiyyicha kan qabate gara fuula duraatti nama abbaa qabiyyee haaraa ta'uuf akka ta'e haala nama hin shakkisiifneen kan ibse yoo ta'e dha. Daddarbiinsa gosa kanaa daddarbiinsa konistiraakitivi jedhama. S/H/H keewwata 1145(1) jalatti ibsameera. Kun akkuma jirutti ta'ee garuu abbaan qabiyyee duraa kan kasaare yoo ta'e qabiyyicha abbaa qabiyyee haaraafan qabadhe yoo jedhe illee mirgi namoota maalaqa isa irraa qabani akkuma eegametti jiraaachuu seerichi ni ibsa. S/H/H keewwata 1145(2) irratti ibsameera.

b. Barbaachisummaa Qabiyyee Daddabarsuu

Mirga abbaa qabiyyummaa daddabarsuun kan barbaachiseef mirgi abbaa qabiyyummaa dabarfamuuf yookaan qabeenyichi nama biraa bira jiraatee itti fayyadamuu fi tajaajilamuu taasisuuf yookaan wabii idaa taasisuuf gargaara.

Mirga abbaa qabiyyummaa yookaan qabeenyummaa dabarsuuf kan raawwatame yoo ta'e qabiyyeen guyyaa dabarfame irraa eegalee itti gaafatamummaan walumaan kan darbu ta'a. Haala biraan yeroo ibsamu guyyaa qabeenyicha walii dabarsuun taasifame irraa eegalee itti gaafatamummaan miidhaas abbaa qabeenyaa haaraaf waliin kan darbu ta'a. S/H/H keewwata 2324(1) jalatti ibsameera.

Karaa Mirga Qabiyyummaa Ittiin Kabachiisan

Qabeenya tokkoo fi abbaa qabeenyaa yookaan abbaa qabiyyee jidduu walitti dhufeenya jiru seeri beekanti kenneefii nama kamirraa iyyuu gochaa jiddu lixiinsa seeraan alaa fudhuuf taasifamu seerri ittisuun eegumsa ni godha. Seerri eegumsa qabeenyaaf taasisuun kaayyoo diinagdee bu'aa qabu bira gahamuuf yaadame kunuunsuun namoonni taasifame bifa ariifataa ta'een qabeenyaa kaka'uumsaan akka fayyaadaman godha. Haa ta'u malee qabeenya isaa waliin seera duratti beekamaa namni ta'e mirga qabeenya irratti namni biroon jidduu kan galu yoo ta'e tooftalee ittiin mirga qabeenya isaa kabachiisu fayyadamuun mirga qabeenya isaa kabachiifachuu ni danda'a.

Abbaan qabiyyee tokko mirga isaa karaa lama kabachisuu ni danda'a.

1. Abbaan qabiyyee qabiyyee isaa irratti jeequmsa uumame dhabamsiisuuf humna fudhachuun ittisuu ni danda'a. Qabeenyuma kana nama jalaa bute irraa yookaan dhoksaan fudhate gad lakkisiisuu ni danda'a. Qabiyyee jeequmsi irratti uumame humnaan ittisuuf haalotni tilmaamaa keessa galuu qaban tokko tokko ni jiru.
 - a. Humnaan ittisuun qabeenya si jalaa fudhatame deebisiisuuf, mirga jeequmsa dhabamsiisuu hojiirra ooluu kan qabu rakkoo sanaaf sababa kan ta'e yookaan rakkoo nama uume irratti malee nama sadaffaa irraatti raawwachuu akka hin qabne;
 - b. Mirgi humna gargaaramuu rakkoo dhaqabsiifame waliin kan wal gituu ta'uu akka qabuu fi gita isaa darbee deemamuun kan dhorkame ta'uu;

- c. Gochaa humnaa fayyadamuun ittisuuf kan taasifamu rakkoo uumamee battalumatti ittisuuf kan fudhatame ta'uu qaba. Gochootni kunniin seera yakkaa keewwata 78 jalatti kan ibsame mirga of irraa ittisuu waliin walitti dhufeenya kan qabu fakkaata.

Mirgi dhuunfaan of irraa ittisuu miidhaa dhaqqabuu danda'u ittisuuf akka danda'amuuf jecha abbaan qabiyyee humna fayyadamuu akka danda'uuf seerri hariiroo keewwatni 1148(1) fi (2) jalatti tumamee jira.

Kunis:

1. Abbaa qabiyyee namni ta'e akkasumas namni biroon kan qabate yoo ta'ees qabiyyee isaa harkaa butuuf yookaan qabiyyee isaa irratti jeequmsa uumuuf humna taasifamuu kamiyyuu of irraa ittisuun deebisuuf mirga qaba.
2. Akkasumas qabeenya harka isaa keessa galche jalaa butamee yookaan haala hin beekamneen kan jalaa fudhatamee yoo ta'e kan bute baasisuun yookaan qabeenyicha dhibbaan yeroo fudhatu kan argame yookaan nama butee qabee osoo dhokatu qabame irraa qabeenya harkaa fudhatame battalumatti humnaa fayyadamuun deebifachuu ni danda'a jedha.

Dhiibbaa dhaqabe deebisuun jireenya; qaama yookaan mirga namoomaa kamiyyuu (legally protected right) ittisuun mirga hambisuun danda'amu miidhaa seeraan alaa kan balaaleffatu seensa waliigalaa irratti kan taa'e dha. Kana ta'uu isaan midhaa yookaan gochaa seeraan alaa qabiyyee ofii irraa ittisuun gochicha osoo gara mana murtii hin deemin haala ittiin mirga ofii kabachiisan (extra-judicial remedy) dha.

Kanaaf, akkaataa seeraan ibsameetti namni mirgi abbaa qabiyyummaa qabu tokko qabiyyee isaa irratti butamuun yookaan jeequmsa kaasuun yoo uumame keewwatoota seera yakkaanis ta'e seera hariiroon mirga kennameeffitti gargaaramuun humnaan fi mirga ofii isaa of gargaaruu (self-help) ni qabaata.

Humna humnatti fayyadamuun rakkoo uumame of irraa deebisuun irra caalmaa dhimmicha gara mana murtiitti dhiyeessuun seerummaa gaafachuuf yeroon bakka hin argamneetti filannoo isa dhumaa ta'a. Kana irratti abbaan mirgaa dhimma isaa irratti abbaa seeraa ta'uudhaan miidhaa isa irra gahe deebisuuf tarkaanfii inni taasisu seera duratti fudhatama qaba.

3.4 Jeequmsa Qabiyyee Irratti Uumamu Murtiin Dhabamsiisuu

Namni qabiyyee seeraa isaa irratti jeequmsi uumame yookaan seeraan ala qabeenyi jalaa fudhatame dhimmicha mana murtitti dhiheeffachuun qabiyyee irratti jeequmsi uumame akka dhaabattu yookaan qabeenya butame akka deebi'uuf gaafachuun himannaa dhiyeessuu ni danda'a.

Seera hariiroo hawaasaa keewwata 1149 irratti waa'ee himannoo jeequmsa dhabamsiisuu haala asii gadiin ilaalameera.

1. "Namni qabiyyeen isaa jalaa fudhatame yookaan qabiyyee isaa irratti jeequmsi uumame qabeenyi jalaa bade akka deebi'uuf yookaan jeequmsi ka'e akka dhaabatu akkasumas miidhaa dhaqabsiifame kasaaraan akka kennamuuf gaafachuu ni danda'a.
2. Qabiyyee qabate jiru erga jalaa butamee yookaan qabiyyee isaa irratti guyyaa jeequmsi uumame irraa eegalee hanga waggaa lamaatti seeraan yoo gaafate malee naaf yaa deebi'u jechuuf mirga inni qabu jalaa hafa.
3. Himatamaan gochaa raawwatee kan hayyamuuf mirgi isaaf dubbatu jiraachuu haala ariitii fi hin shakkisiifneen yoo ibseen ala abbootiin seeraa qabeenya fudhatame akka deebi'u yookaan jeequmsa uumame akka dhaabatu ni ajaja."

Qabiyyee tumaa tuqame kanaa irraa hubatamuu akka danda'amutti dhabamsiisuuf akkaataa seera hariiroo hawaasaa keewwata 1149 tiin iyyannoon dhiyaatu (possessory action) qabiyyee ittisuuf kaayyoo qaba. Mirgi qabiyyee seeraan eegumsi waan taasifamuuf seeraa irratti sirna kaa'ame hordofuun nama biroo ani abbaa mirgaatti jedhu mirga isaa kabachifachuun ala humna fayyadamuun abbaa qabiyyee gad lakkisiisuun seeraan fudhatama hin qabatu.

Dhaabbileen seerummaa humnaatiif kan saaxilamuun mirga abbaa qabiyyummaa seeraan ala namoota dhabaniif himannaa ittisa jeequmsaa dhiyeessaan irratti haala ariitiin ilaaluun murtee yoo hin kennine seeraan alummaa ittisuus ta'e dhaabisisuuf dandeettii isaan qaban kan dadhabe ta'a. Irra caalaa jeequmsi uumamuun dura gama abbaa qabiyyeen jeequmsi uumamuu danda'u jiraachuu ragaa ibsu waliin mana murtiitti dhiyeesse himannoon jeequmsi naaf yaa dhaabbatuu namoota lamaan jidduutti gochi humnaa fudhatame nageenyaa fi eegumsa uumatichaa osoo hin jeeqin dhaabanni seerummaa seera kabachiisuuf ittigaafatamummaa irraa eegamu bahuu qaba.

Gochi jeequmsaa erga uumameen booda himannoo jeequmsa dhaabsisuuf dhiyaatu gochaa himaatamaa humna gargaaramuu; gargaaramuu dhabuu fi qabiyyee himataa butuu; butuu dhabuu adeemsa seera qabeessa ta'een hordofamuun qulqullaa'uu fi ariitiin ijoo murtii argachuu qabu dha.

Haata'u malee akkaataa S/H/H keewwata 1149(3) tiin himatamaan gochaa raawwatee kan hayyamuuf mirgi isaaf dubbatu jiraachuu haala ariitii fi hin shakkisiifneen (forthwith and conclusively) ibsuun akka irraa eegamu waan argisiisuuf ba'aan amansiisuu fi itti fayyadama yeroo manni murtii tilmaama keessa galchuun kan irraa eegamu ta'a.

Kallattii himannoo jeequmsa ittisuuf dhiyaatuun manneen murtii jidduutti raawwii irratti garaa garummaan ni mul'ata. Qabiyyeen himannichaa mirkaneessa mirga abbaa qabiyyummaa taasisuun ilaaluun akkuma dhimmoota biroo adeemsa dhaabataa hordofuun qajeelchuu fi dhimmoonni furmaata ariifachiisaa kan barbaadan ta'uu xiyyeeffannoo kennuu dhabuu fi ba'aan amansiisu garee kamtu ba'uu akka qabu ejjennowwaan garaagaraa akka fakkeenyaatti tuquun ni danda'ama.

Waliigalatti, boqonnaa kana jalatti ilaalamuuf kan yaalame hiikoon qabiyyee namni tokko waanta tokko harka isaa keessa gochuun dhugaatti kan irratti ajajuu ta'ee yoo argame akka ta'e: qabiyyeen jiraachuu waanti mirkaneessuu wantoonni lama jiraachuu; tokkoffaan qabeenyicha harka isaa keessa godhachuu fi lammaffaan immoo qabeenyicha to'achuu fi itti fayyadamuuf yaada qabaachuu yoo ta'u dhimmootni lamaan kun guutamuun qabiyyeef ulaagaa akka ta'aan ilaaleera. Qabiyyeen hafuu kan danda'uus hayyama abbaa qabiyyeen nama biraaf kan darbe yoo ta'e; yaada abbaa qabiyyee ta'uu jiraatus qabeenyichi kan bade yoo ta'ee fi qabeenyichi harka isaa keessaa yoo hin baanes abbaa qabiyyee ta'uuf yaadni kan hin jirre ta'uu hubanneera. Qabiyyeen itti fufiinsa kan hin qabaanne; humnaan kan argame, dhoksaan kan qabatame fi abbaa qabiyyummaan dhugaa jiraachuu isaa kan nama shakkisiisuu yeroo ta'utti qabiyyeen hanqina akka qabu ilaaleerra. Sababni guddaan mirgi qabiyyummaa eegumsa seeraa barbaachiseef tokkoon tokkon lammii yookaan uummataa qabeenya isaa akka waliigalaatti nagaan akka itti fayyadamuu fi gargaaramu gochuuf akka ta'e hubatameera. Qabeenyicha kallattiin dabarsuun (kennuun) yookaan sanadoota (ragaalee) qabiyyeen jiraachuu mirkaneessu kennuun qabiyyee dabarsuun akka danda'amu ilaaluuf yaalameera. Mirgi abbaa qabiyyummaa akkuma

dhimmichaatti humnaan yookaan gama mana murtiin kabachiifamuu akka danda'amu hubatameera.

Qabiyyee waliin wal qabatee mariif akka ta'utti dhimmootni mana murtii armaan gadii dhiyaataniiru.

1. Manni murtii waliigalaa federaalaa oliyyataa loltuu obbo Baqqalaa Kidaanee fi deebii kennitoota 1. Adde Masarati Mikir 2. Obbo AlamayyooBaqalaa jidduu wal falmii ture haala armaan gadiin murtee kenneera.

Dhimmichi kan jalqabe mana murtii aanaatti yoo ta'u qabiyyeen himannoos mana kiyya aanaa 2 ganda 09 lakk. 973 kan ta'e ani yaa'ii ga'ee yeroon deebi'uu qabatani argee akka gad naaf lakkisaan gaafadhuus hayyamamaa waan hin taaneef qabeenya kiyya akka gadi naaf lakkisan jeequmsas akka narraa dhaaban kan jedhu dha.

Deebii kennitootniis yeroo nuti wal fuune oliyyataan manicha kennaadhaan waan nuuf kennaniif keessa jiranne malee manasaa akka himannoo isaatti kan qabanne miti jechuun falmaniiru.

Manni murtii aanaa immoo oliyyataan mana falmiif sababa ta'e irratti mirgi inni qabu ragaa namaan mirkaneessa jechuun seerichi akkaataa ragaa barbaaduun waan hin dhiyeessineef jeequmsi narraa haa dhaabbatu yookaan manicha naaf haa gad dhiisan jechuuf mirga isa dandeessisu hin qabu jechuun galmeef cufeera.

Manni murtii olaanaa naannoo 14 gama isaan oliyyatni dhiyaateefii murtii inni kenne oliyyataan gara yaa'ii osoo hin deemin duras ta'e booda deebii kennitootni keessa jiraachaa akka turanii fi galmeef abbaa qabeenyummaa itti qabaachuu ibsuun waggoota kudha sadeetii oliif keessa jiraachaa kan turan waan ta'eef gaaffii jeequmsi narraa haa dhaabatu akkaataa S/H/H keewwata 1149(2) tiin darbiinsa yeroo waggaa lamaatiin ni daangeffama jechuun murtii mana murtii aanaa cimseera.

Oliyyatni lamaffaan kan dhiyaateef manni murtii waliigala Federaalaa gama isaan deebii kennitootni bakka hin jiretti komii oliyyataa xiinxalee gaaffii oliyyataa haala lamaan kan dhiyaate ta'uu; kunis manichi gad naaf haa lakkifamu jeequmsiis narraa haa dhaabbatu kan jedhu ta'uu sababa godhachuun:

1. Mana falmiif ka'umsa ta'e kan oliyyataa ta'uu fi ta'uu dhabuu
2. Deebii kennitootni mana falmiif ka'umsa ta'e irratti jeequmsa uumaniiru hin uumne kan jedhu akka ijootti qabachuun akka xiinxale galmeen ni mul'isa.

Ijoowwaan kana irraa ka'uudhaan deebii kennitootni manichi kan oliyyata ta'uu hin waakanne. Kennaadhaan nuuf kenname haa jedhan malee akkaataa seera kennaan kan argatan ta'uu waanti ibsan hin jiru; waanti dhiyeessan yoo jiraate nagahee gandi fudhachuu fi kennuu qopheesse ta'ee deebii kennaa lamaffaan abbaa isaa (oliyyaataa) irraa kennaa jechaan kan argate ta'u kan ibsu dha. Mana falmiif ka'umsa ta'e kana oliyyataan kan ijaare ta'uu ragaa gandi Ministeera Manaa fi Guddina Magaalaaf barreeffame irraa waan qulqulleeffameef manichi kan oliyyaataati jechuun murtii manneen murtii jalaa diiguudhaan manicha oliyyataaf gad haa lakkisan jechuun murtessera.

Gaaffii

1. Himannoon mirga qabiyyee kan ilaalatudha moo abbaa qabeenyummaatii?
2. Murtii mana murtii kamiitu sirri dha jetta? Maaliif?
3. Manni Murtii Waliigala Federaalaa oliyyaataa obbo Kiiroos Tadilaa fi deebii kennaa Addee Abaraash Habtamaariyaam jidduu falmii jeequmsa narraa haa dhaabatu jechuun galmees oliyyannoo lakk. 3319 Onkoloollessa 30/19994ti dhaddacha ooleen murtii armaan gadii kenneera.

Ijoon himannaa dubbii, oliyyataan ammaa himannoo hundeesseen “1^{ffaa} deebii kennaa fi ani waldaa ganda qotee bulaa qaalittii abbuu caffeetti mana qorqorroo gola jaha ijaaree osoo jiraannuu Eebla 1 bara 1982 tilmaamaan waaree keessaa sa'atii saddetti yeroo ta'u namootni lamaanii fi namoota biroo ani hin beekne wal ta'uudhaan deebii kennituun ammaa shuguxii qabachuudhaan bahi gad lakkisii deemi sagalee jedhu yoo nati dhageessiftu hundumtuu akkan gad lakkisuuf waan na sodaachisaniif, lubbuu kiyya hambifachuuf jecha qabeenyaa fi mana kiyya dhisee baheera. Qabeenya kiyyatti waamamaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaan} galuudhaan itti fayyadamaa jiru kanaaf jeequmsa dhaabatee gara manaa fi qabeenya kiyyaatti akka deebi'u naaf haa murtaa'u” kan jedhu ture.

Deebii kennaan himannoo dhiyaateef deebii yoo kennitu “himataan mana jireenyaa dhuunfaa kiyyatti wardiyyummaadhaan isa qacaree ji'a ji'aan miindaa kafaleefii isa gargaaruun alatti mana

jireenyaa fi qabiyyee qabeenya kiyya waliin walitti dhufeenya tokko hin qaban” jechuun falmiteetti.

Manni murtii jalqabaa ragoota bitaa fi mirgaa erga dhaga’een booda jeequmsi waan uumameef haa dhaabatu jechuun yoo murteessu; deebii kennituun ammaa mana murtii olaanaatti ol-iiyyata fudhatee manni murtiis, lafaa fi mana falmii kanaaf sababa ta’e kan deebii kennituu ta’uu isaa fi iiyyataan ammaa waardiyaa deebii kennaa ta’uu isaa ragootaan waan mirkanaa’eef murtiin mana murtii jalqabaa diigameera jechuun murteessera.

Iyyataan ammaa lafichaaf ragaan kaffaltii gibiraa ittiin raawwadhe dhiyeessee osoo jiruu fi waliin ijaaruun keenya osoo beekamuu murtiin kenname seeraan ala jechuun Mana Murtii Waliigala Federaalaatti oliyyannoo kan dhiyeesse yoo ta’u manni murtiis iiyyataan waardiyaa deebii kennaa ta’uudhaan manicha eega kan ture ta’uusaa haala amansiisaa ta’een ragootni waan mirkaneesaniif akkaataa S/H/H keewwata 1141tiin iiyyataan waardiyaa (eegaa) malee abbaa qabiyyee akka hin taane ifaa waan ta’eef gibira itti kafaleera kan inni jedhuus abbaa qabiyyee waan isa hin taasifneef abbaa qabiyyee mana kanaa ta’uuf akkaataa S/H/H keewwata 1140 tiin manicha harka isaa keessa taasisuun dhugaatti kan irratti ajaju ta’uu ragaadhaan mirkaneessuu waan qabuuf iiyyataan ammoo kana ta’uu isaa waan hin mirkaneessineef jechuudhaan murtii mana murtii olaanaa cimseera.

Gaaffii

- Murtii kana irratti yaada qabdu ibsi. Murtii kamtu deggersa seeraa qaba jettaa?
- 4. Manni murtii waliigala federaalaa ol iiyyata Adde Taagasechi Xilaahuunii fi deebii kennaa Waajjira Bulchiinsa Manneenii Kiraa jiddutti falmii jeequmsi narraa haa dhaabatuu galmee mana lakk. 7334/94 muddee 17/1994 A.L.Hti murtii itti aanee jiru kana kennera.

Falmichi kan eegale haala duraanii bulchiinsa naannoo 14 mana murtii aanaa 14 ti ture. Dhimmichi himannoo jeequmsi narraa haa dhaabatu kan jedhu yoo ta’u ol iiyyataan deebii kennaa ammaa irratti himannoo kan dhiyeessite himatamaan mana waliigalteedhaan anatti kireesse akka gad lakkisuuf na beeksiseera. Waliigaltee kiraas addaan kuta anaan jedheera. Gochi

kun jeequmsa uumuu waan ta'eef jeequmsi narraa akka dhaabatuuf naaf murtaa'uu qaba jechuudhaan dha.

Manni murtii aanaas qabiyyee waliigalteedhaan argate ragaadhaan hanga hin deggeramnetti akka gadi lakkiftu gochuun hin dandaa'amu. Deebii kennaan waliigaltee haquudhaaf sababa seeraa qabaatullee akkuma nama kamiyyuu himatee murteesisisuu fi humna seeraan keessaa baasuu qaba sababoota jedhu kennuun jeequmsi uumame haa dhaabatu jechuun murtii kan kenne yoo ta'u; murtii kana irratti oliyyatni kan dhiyaateef manni murtii olaanaa garuu "oliyyaataan (deebii kennaan ammaa) akeekachiisa barreessuu irra darbee tarkaanfiin fudhatame hin jiru" jechuun sababa kennee murticha diigeera. Manni murtii waliigala Federaalaas oliyyaannoo dhiyaateef qoratee M/M/M/Olaanaa cimseera.

Gaaffii

- Murtii mana murtii kamiitu yaada seerichaa hammateera jetta? Maaliif?

Gaaffilee Marii

1. Qabiyyee humnaan ittisuu fi himannoo jeequmsi haa dhaabattuu jedhu mirga dhiyeessuu abbaa qabiyyee qofaaf osoo hin taane nama biraaf jedhee qabeenya kan qabate (holder) dabalatee seerichi mirga kaa'eera. Sababni isaa maal isinitti fakkaataa?
2. Akkaataa S/H/H keewwata 1144(2) tiin seera baaftuun sanada (raga) qabeenya isaa kan qabate caalaa maaliif nama qabeenya isaa qabate eegumsa qabiyyee taasisseef?
3. Hattuun abbaa qabiyyee ta'uu ni danda'aa?
4. Qabiyyeen sababoota darbaniin hin hafu jechuun maal jechuu dha?
5. Himannoon qabiyyee waggoota lama keessatti dhiyaachuu akka qabu taasisuun maaliif isinitti fakkaata?
6. Mirgoonni abbaa qabiyyummaa maal maal akka ta'an ibsaa?
7. Abbaan qabiyyee abbaa qabeenyaa qabeenyichaarratti tarkaanfii humnaa fudhachuu ni danda'a moo hin danda'u?
8. Walitti dhufeenyaa fi garaagarummaa S/H/H keewwata 1148 fi S/Yakkaa keewwata 78 ibsaa?
9. Haalota (karaalee) ittiin qabiyyeen daddarbuu danda'u ibsaa?

10. Obbo Bahaayiluun yeroo lafa qabiyyee isaa jalatti argamu daangefattu lafa mootummaa bal'ina hanga ta'e qabu lafa isaa waliin walitti daangessera. Bulchiinsi gandichaa gama isaan gochaa obbo Bahaayiluu erga hubateen booda guyyoota 7 keessatti keellaa isaa akka kaasu; guyyoota jedhame keessatti kan hin kaafne yoo ta'e gandi humnoota isaan akka diiguu fi wantoota (material) keellaadhaaf itti gargaarame akka jalaa fudhatamu akeekachise. Kana irraa ka'uudhaan obbo Bahaayiluu bulchiinsa gandaa irratti himannoo (possessory action) dhiyeessuuf mirga qaba moo hin qabu?
11. Gandichi osoo akeekachisa hin kenniin kellicha diigee yoo fudhate obbo Bahaayiluuf gorsa akkamii kennitaaf?
12. Gandichi keellaa diiguu isaatiin yoo himatame facciisni inni qabu maal?
13. Adde Balaxeechi Eejansii kiraa manneenii irraa mana kireeffatee manicha mana dhugaatii (mana daldalaa) tiif erga itti gargaaramaa turteen booda mana daldalli keessatti adeemsifaamaa jiru kana keessatti akka itti daldaltuufiif adde Taaganyechiin aangoo bakka bu'ummaa kennuufiin gara Ameerikaatti deemte. Ejensiin kiraa manneenii ammoo adde Balaxeechi gara biyya alaa deemuu ishee fi mana kiraa keessa namni biroon (adde Taagenyechi) keessaa jiraachaa jiraachuu waan hubateef dhaabaticha cufuun adde Taagenyichiin manicha keessaa baasa. Kana irraa ka'uudhaan adde Taagenyechi Ejensii kiraa manneenii irratti himannaa dhiyeessite. Murtii akkamii eegdaa? Maalif?
14. Obbo "A"n dirqama lammummaa hanga deebi'utti mana isaa obbo "B"n akka qabeefii turuuf (eeguuf) itti kenne. Obbo "A" dirqama isaan booda yoo deebi'u mana kiyya naaf lakkisi jechuun obbo "B" gaafate. Haa ta'u malee obbo "B"n hin bahu jechuun diduu isaa waan mul'iseef obbo "A" obbo "B" humnaan mana isaa keessa baasa. Sana booda obbo "B"n obbo "A" irratti himannoo dhiyeesse. Haala kanaan obbo "B"n walfalmii kana irratti mo'atee bahuu ni danda'aa?
15. Obbo Beedikaamuu eelee elektirikaa haaraa kubaaniyaa "A" irra bite. Eelee kana mana isaan akka gahaniif waliigaltee waan taasisaniif fudhanii mana aaraa keessaa ka'aniif. Obbo Beedukamuu gara mana isaatti osoo hin deebi'iin dura olla isaa kan ta'e obbo Balaxee eelee kana kaasuudhaan fudhatee deema. Obbo Beedikaamuu fudhatamuun eelee isa aarsinaan S/H/H keewwata 1149 caqasuun obbo Balaxee irratti himannaa dhiyeessa. Falmii kana irraa bu'aan eegamuu qabu maal ta'uu qaba jetta?

16. Osoo obbo Beedikaamuu hin beekin eeleen kun kennaadhaan obbo “A” irraa kennameefi yoo ta’e bu’aan isaa garaagara jettaa?
17. Konkolaachisaan kubaaniyaa eele fe’ee geesse obbo Ballaxeen mana obbo Beedikaamuu akka itti agarsiisuuf gafatee jennaan isa gaafatame dhiise mana isaa (Balaxee) yoo itti agarsiisee, shufeerichis midijicha achi kaa’ee yoo deeme murtiin adda ta’e ni laatama jettuu?
18. Obbo Beedikaamuu eele kana mana obbo Balaxee keessa akka kaa’uuf konkolaachisaatti yoo itti himee fi obbo Balaxeen erga fudhee booda obbo Beedikaamuun naaf dabarsi jechuun obbo Balaxee yoo gaafatu hayyamamaa hin taa’in hafe hoo?
19. Obbo Yeehijju Agenyi konkolaataa obbo Habtuu hatee torbaan tokkoof erga konkolaachiseen booda konkolaatattiin obbo Garamawuudhaan hatamte. Konkolaatattiin hatamuu ishee kan dhaga’e obbo Yeehijju Agenyi S/H/H keewwata 1149 tuquun obbo Garamawuu irratti himannoo dhiyeesse. Dhimmichi gara kee dhufeeraatii murtii itti kenni.
20. Murtichi haala obbo Yeehijju Agenyi fayyaduun danda’uun sababa murtaa’eef konkolaataan yoo deebitee fi obbo Habtuu akkaataa S/H/H keewwata 1149 tiin obbo Yeehijju Agenyi irratti himannoo yoo dhiyeesse milkaa’uufii danda’a jettaa?

Abbaa Qabeenyummaa Dhuunfaa (Private ownership right)

Kaayyoon bu’uuraa leenjii kanaa:

Leenjifamtootni mata duree kana erga leenji’anii xumuraniin booda;

1. Karaa abbaan qabeenyummaa qabeenyaa ittiin argamuu fi argatan adda baasuun tarreessu
2. Haalota ittiin abbaan qabeenyummaa qabeenya hafu adda baasuun waantota isaan quunamu akkaataa seeraan keessumeessu
3. Yaada gaariin abbaa qabiyyee ta’uun abbaa qabeenyaa ta’uu ni ibsu; waantota isaan quunamu seera bu’uura godhachun murtii ni kennu.
4. Akkaataa ittiin abbaan qabeenyummaa daddabarfamuu ni tarreessu.
5. Maalummaa fi garaagarummaa abbaa qabiyyummaa fi qabeenyummaa ni ibsu; tarreessu.

4. Akka Waliigalaatti Waa'ee Abbaa Qabeenyummaa Dhuunfaa

Qabeenyummaan mirgoota qabeenya hunda waliin hidhamsiinsa qabaniin yoo ilaalamu mirga bakka olaanaa qabate dha yoo jedhame kan arboomfame hin ta'u.

Qabeenyi akkamitti akka argamu: daddabarfamuu, hafuu fi mirkaneeffamu osoo hin ilaaliin dura hiikaan qabeenyaa maal akka ta'e ilaaluun barbaachisaa waan ta'uuf haala gabaabaan akka armaan gaditti dhiyaateera. Seerri hariiroo hawaasaa boqonnaa lama kutaa tokkoffaa irratti "qabeenyummaa jechuun qabeenya qabatamaa tokko hundarra mirga bal'aa kan qabate jechuu dha" haala jedhuun ibsamee argama. Haa ta'u malee, ibsa keewwaticha hiikoo dha jechuun kaa'uuf kan nama ija jabeessu miti. Hiikkaa dha jechuuf kan hin dandeessisne jechuu qofa osoo hin taane qabeenya wantoonni ibsan haala gahaa ta'een ibsameera jechuuf nama rakkisa. Sababni isaa mirgi kun akkamitti bal'aa ta'uu danda'e gaaffii jedhuuf illee deebii kan kenne miti. Dabalataan mirga qabeenya qaama qabeessa tokko irratti (corporeal things) qabnu qofa kaa'e malee qabeenya qaama dhabeessa (incorporeal things) ilaalchisee osoo hin hammachiisin hafeera. Qabeenyummaan mirga hunda irra bal'aa dha yoo jedhamu garuu qabiyyeerra; alaabarra fi mirga itti fayyadama qabeenyaa waliin ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

Abbaa qabeenyummaa jechuun namni kamiyyuu qabeenyaa qabu irratti itti fayyadamuu (usus), firii isaa sassaabuu (fructus) fi mirga abbaa qabeenyummaa nama biraatiif mirga dabarsuu (abusus) dha. Kana irratti mirga abbaa qabeenyummaa nama biraatiif mirga dabarsuu (abusus) jechuun dhaamoon yookaan waliigalteen nama biraatiif dabarsuu; na hin fayyadu jechuun gatuu yaadrimee jedhu illee kan haammatu dha.

Qabeenyummaan mirga hunda irra bal'aa ta'e yeroo jedhamu garuu seeraan waanti kaa'amee daangeffame (restriction) hin jiru jechuu miti. Abbaan qabeenyaa kamiyyuu mirgaa fi fedhii namoota biroo fi uumataa haala faallessuun mirga isaatti fayyadamuu danda'a jechuu miti. Mirgi abbaa qabeenyummaa mirgoota hunda irra bal'aa yoo ta'e illee mirgoota biroo hanga hin faallesinetti mirga itti fayyadamuu waan ta'eef mirga daangaan taa'eefi dha. S/H/H keewwatni 1204(1) fi 1205(1) ni ilaalata.

Qabeenyummaan addatti abbaa qabeenyummaa dhuunfaa ilaalchisee beektootni, falaasamtoonni fi beektonni diinagdee garaagaraa jiddutti walfalmisiisaa kan ture dha. Abbaa qabeenyummaa dhuunfaa waanti jedhamu jiraachuun hin barbaachisu kanneen jedhan sababni isaan dhiyeessan; tokko tokko akka jedhanitti namni tokko nama biroo irratti garmalee akka itti fayyadamu hayyamuu hin qabu. Kanneen biroo akka jedhanitti namootni jidduu isaanitti walitti dhufeenya wal qixxummaa irratti hundaa’ee akka hin jiraanne kan godhu dha. Gara diddummaa (jeeqxuu) diinagdee geessuu ni danda’a jedhu.

Abbaa qabeenyummaa dhuunfaa gareen deggeran immoo yaada dhiyeessaniin; abbaa qabeenyummaa dhuunfaan kan hin deggere yoo ta’ee waa’ee namoota dhuunfaa dubbachuun hiikaa hin qabaatu. Mirgi abbaa qabeenyummaa mirga uumamaa fi guddina diinagdee dha; namoota dhuunfaaf wabii bilissummaa kan agarsiisu dha. Waliin guddachuu galmaan gahuuf illee qabeenyi dhuunfaa eegumsa seeraan taasifamuun ala yaadamuu hin danda’u jedhu. Yaadni kun sadarkaa addunyaatti fudhatamummaa kan argatee fi akka mirga uumamaa ta’ee kan fudhatame dha. Heerri keenyaas tilmaammii olaanaa kan kenneef ta’uu hubachuun ni danda’ama.

4.1 Haala Qabeenyi Itti Argamu, Daddabarfamuu, Hafuu fi Waa’ee Ragaa Qabeenyummaa

4.1.1 Haala Qabeenyi Itti Argamu

Qabeenya argachuu jechuun namni tokko guutummaa guutuutti abbaa qabeenyaa yoo ta’uu, seeraa fi sirni haala hayyamuun harka isaa keessa haala galchu kan ibsu ta’ee seerumtiyyuu sadarkaa abba qabeenyummaa kan kennuuf dha. Haala kanaan karaalee qabeenyi itti argamu garaa garaa jiru. Karaalee qabeenyi itti argamu kunniin haala armaan gadiin ilaaluuf yaala.

4.1.2 Qabeenya abbaa hin qabne qabachuun abbaa qabeenyaa ta’uu

Qabeenya abbaa hin qabne tokko qabachuun dhimmi abbaa qabeenyaa ta’uu karaalee qabeenyi ittiin argamu keessaa yeroo dheeraa kan qabuu qofa osoo hin taane kanneen biroo irraa caalaa karaa qabeenyi ittiin argamu dha.

Qabachuu yoo jedhamu qabeenya qaama qabatamaa abbaa hin qabne ta’ee tokko kan nama biroo abbaa qabeenyaa ta’uuf yaadun to’annoo jala galchuu yookaan qabachuu jechuu dha.(S/H/H

keewwata 1151 ilaalaa) waanta tokko qabachuun abbaa qabeenyaa ta'uuf haaldureewwan guutamuu qaban.

1. Qabeenyichi qabeenya qaama qabeessa socho'aa ta'uu qaba.
2. Abbaa qabeenyummaa dhunfaan qabamuu kan danda'u ta'uu qaba
3. Qabeenyichi abbaa kan hin qabne ta'uu qaba
4. Abbaa qabeenyichaa ta'uuf yaada qabaachuu qaba.

Qabeenyichi qabeenya qaama qabeessa socho'aa ta'uu qaba. Hima biraan, qabeenya qaama dhabeessa ta'e (fakkenyaaf hojii kalaqaa) qabachuuf galmaa'uun alatti qabachuun hin danda'amu. Abbaan mirgaa qabeenya kanneenii eenyu akka ta'e galmeedhaan hubatamuu kan danda'u ta'ee galmeen kan haqame yoo ta'e garuu mirgotni kunis hiikaa kan hin qabne sababa ta'uufi dha. Akkasumas qabeenya socho'u ta'uu qabu yoo jedhamu qabeenyi hin sochoone akka qajeeltootti qabatamuu kan danda'u galmaa'uu fi waraqaa abbaa qabeenyaa qabachuun waan ta'eef. Qabeenyi socho'u tokko tokko keessa'uu qabeenya socho'u addaa kan jedhaman kanneen akka konkolaataa, doonii, xayyaara fi kan kana fakkaataan qabachuun qabeenya dhuunfaa ta'uu hin danda'an. Dabalataan faayidaa yookaan tajaajila uummataaf jecha qabeenya socho'u ta'uun yoo ramadaman ille dhuunfaan qabatamuu hin danda'an. S/H/H keewwata 1448 fi 1457.

Gosoonni qabeenya socho'anii qabachuun abbaa qabeenya ta'uun danda'amu haala armaan gadiin kaa'uun ni danda'ama.

1. Qabeenya abbaa hin qabne
2. Maalaqa awwaalame
3. Qabeenya bade
4. Qabeenya dhiifame
5. Qabeenya diinarraa argame

Qabeenya abbaa hin qabne kan jedhaman; qabeenya abbaa qabaatee hin beekne ta'ee yeroo jalqabaatiif abbummaan qabamani dha. Akkasumas qabamuu isaanii dura abbummaa jala yoo turan illee boodarra abbaa qabeenyaan qabeenya gatamani dha. Qabeenya gatamanidha kan jedhaman abbaan qabeenya duraani iyyannoon naaf yaa deebi'uu jechuu dhiheeffachuu qabeenya hin dandeenye dha.

a. Beeladootaa fi Kanniisa (S/H/H keewwata 1152-1153)

Beeyiladoota yeroo jedhamu beeyilada madaqoo qabatee boodara yoo badde yookaan beeyiladoota bosonaa abbaa qabeenyummaa jala galanii hin beekne ta'uu danda'u. Beeyilada abbaan qabeenyaa gate (dhiise) yookaan jalaa bade kan jedhaman kanneen akka Looni, reettii fi hoolaa, beeyiladoota kotte duudaa, sarootaa fi beeyiladoota biroo madaqoo turan kan haammatu dha. Beeyiladoota kanneen akkasii madaqoo turanii boodarra badan yookaan gatamaniif abbaa ta'uuf darbiinsi yeroo seeraa ta'e darbuun barbaachisa dha. Darbiinsi yeroo osoo hin raawwatiin dura abbaan qabeenyaa duraa qabeenyi kiyya jechuun nama qabeenyicha argate (qabate) gaafachuu irraa waanti isa ittisu hin jiru. Akkaataa S/H/H keewwata 1152(1) jalatti ibsameen beeyilada madaqoo ta'an yookaan qabaman abbaa qabeenya jalaa yoo miliqani badan abbaan qabeenyaas ji'a itti aanutti barbaaduu yoo dhise yookaan ji'a tokko guutuu barbaaduu yoo baate abbaa qabeenya dhabu. Beeyiladoota miliqanii badan kanneen namni biraa yoo argateeni darbiinsi yeroo ji'a tokkoo ta'e yoo darbe namni kun abbaa qabeenyaa isaanii ta'a. Yoo ta'ees tumaan darbiinsi yeroo kun beeyiladoota gaanfaa, kotte duudaa fi gaalotaaf raawwatiinsa akka hin qabne keewwata 1152(2) ibsameera. Sababa garagarummaan kun uumameef maalif? Qabeenya qaalawoo ta'anii fi faayidaa olaanaa qabaatan darbiinsa yeroo gabaabaa kaa'uun haqa qabeessa ta'uu hin danda'u. Sababni isaa namni tokko beeyiladootni kunniin jalaa badde maal na dhibdeen ni dhiisa jedhamee hin amanamu. Darbiinsi yeroo ji'a tokkoo isaan hin ilaalattu jechuun garuu tasumaa darbiinsi yeroo hin qaban jechuu dhaa?

Beeyiladoota gaanfaa, kotte duudaa fi gaalotaan ala beeyiladoota jiraan ilaalchisee sababni darbiinsa yeroo ji'a tokkoo ka'ameef kanneen biroo waliin yeroo dorgomsifamaan qaalawaa ta'uu dhabuu isaanii fi faayidaa olaanaa argamsiisu jedhamee waan hin tilmaamaamneef abbaan qabeenyaa ji'a tokkoon oliif barbaacha isaanii jedhamee waan hin tilmaamaamneef fakkaata.

Beeyiloota bosonaa kanneen jedhaman sinbiroota, qurxumiilee, kanniisoota tuquun kan dandaa'amu ta'ee abbaa qabeenyaa kan hin qabne jedhamee beeyiladoota waamaman keessaa isaan muraasa. Yeroo hedduu beeyiladootni kunniin abbaa qabeenyummaa dhuunfaadhaan akka hin qabamne kan dhorkaman miti. Haa ta'u malee beeyiladoota kanneen fakkaatan qabuuf yookaan adamsuuf, qurxummii kiyyeessuuf fi kkf seerrii fi danbiin biyyattii bu'uura hayyamuun

raawwatamuu akka qabu dagatamuun irra hin jiru. Hayyamni barbaachisaa yoo ta'ees qaama dhimmi ilaalu gaafachuu fi hayyama qabaachuun ni barbaachisaa.

Kanniisoota ilaalchisee S/H/H keewwata 1153 irratti kan ibsame yoo ta'u; kanniisoota gaagura isaanii dhiisuun deeman guyyaa gaagura isaanii keessaa deeman irraa eegalee abbaa qabeenyaa kan hin qabne ta'u; gara gaagura biraa senaniiru yoo ta'e, abbaan gaaguraa abbaa kannisaa ta'a. Kannisootni gaagura isaanii dhiisuun yeroo adeemaa jiranitti abbaan qabeenyaa duraa duukaa bu'uun deemee gara gaagura birootti yeroo galan bira yoo gahee deebisee fudhachuu kan danda'u ta'uu seericha irraa hubachuun ni danda'ama.

b. Waantoota badanii argaman (S/H/H keewwata 1154-1158)

Namni tokko dagannoon yookaan haala fedhii isaan ala ta'een qabeenyi isaa harka isaa keessaa yoo badee fi qabeenya bade namni biroon yoo argate qabeenya (qodaa) argame jedhama. Fakkeenya: humna bokkaan, lolaan, qilleensaan fi kkf jala fudhatame yoo ta'e; abbaa qabeenyaa kan ta'e iddoo ta'etti irranfatee kan deeme yoo ta'e; qabeenyichi nama biroon kan dhokfame yoo ta'e; beeyiladootaan kan jalaa fudhatame yoo ta'e; qabeenya nama biroo waliin sababa makateef osoo hin argatin kan hafe yoo ta'e yookaan sababa wal fakkaataa biroon qabeenyichi eessa akka jiru beekuuf kan hin dandeenye yoo ta'e dha. Qabeenyi gosa akkasii nama tokkoon yookaan baay'een argamuu danda'a.

Qabeenya badee fi osoo beekamuu dhiifame (gatame) jidduu garaagarummaan jira. Kunis, qabeenya badu yeroo ta'u daangaan yeroo (darbiinsa yeroo) seeraan ta'e hanga darbutti mirgi abbaan qabeenyaa duraa akka eegametti tura. Qabeenya bade yeroo ta'utti nama qabeenyicha argate irratti seerichi dirqamoota kaa'era; akkasumas mirgootni ibsamaniiru.

Dirqamoota Nama Qabeenya Bade Argatee:

1. Danbiin bulchiinsaa bu'uuruma ajajuun qaama mootummaa dhimmi ilaaluuf qabeenya bade argachuu isaa dirqama ibsuu (S/H/H keewwata 1154(1)). Dirqama kana yoo hin bane akkaataa seera yakkaa Itoophiyaa keewwata 680 itti gaafatamaa ta'a.
2. Namni qabeenyi isaa jalaa bade qabeenyichi argamuu isaa fi deebi'ee akka fudhatu beeksisaan dubbachuuf (lakk. 1154(2)) dirqama qaba. Beeksifni kun meeshaalee sub quunamtiin beeksisuun yookaan gabaa irratti ifaa taasisuu yookaan karaa biraan

raawwatamuu ni danda'a. Ta'uus garuu meeshaalee sub quunamtiin beeksisuun yeroo baay'ee kan itti hin hojjetamne ta'uu caalaa gama baasiitiin yeroo ilaalamu qalaawaa ta'uu danda'a. Karaa beeksisa biraas yoo ta'e baay'ee osoo ittiin hojjetamuu hin mul'atu.

3. Qabeenya argate eeguudhaaf of eeggannoo barbaachisu raawwachuun irraa eegama (keewwata 1155(2)). Namni qabeenya bade argate qabeenyichi akka hin hatamneef yookaan hin badneef akka qabeenya isaatti kunuunsa taasisuufii qaba. Sababa humnaa ol ta'een qabeenyicha irra miidhaan yoo gahe yookiin kan manca'e yoo ta'e itti gaafatamaa hin ta'u.

Mirgoota nama qabeenya bade argatee

- a. Abbaan qabeenyichaa hanga dhufutti harka ofii keessa galchuun kaa'uu (keewwata 1155(1)).
- b. Qabeenyi badee argame yeroo tajaajilaan ala yookaan tortoruuf; dulloomuuf danda'utti fi kkf yookaan eegumsa isaaf baasii baay'ee kan gaafatu yoo ta'e bakka ifaa ta'etti caalbaasiin gurguruu (keewwata 1156(1)). Baasii heedduuf kan saaxilu jecha jedhuuf gatii qabeenyichaan madaaluun kan ilaalamu dha.
- c. Abbaa qabeenyicharraa tokko afuraffaan gatii qabeenyichaa bifa komishiniitiin akkuma haala isaatti argachuu danda'a. As irratti komishiniin kennamuu fi kennamuu dhabuun aangoo abbootii seeraatiif kan kenname dha (keewwata 1158(1)). Hama komishinii kan murteessuu danda'uus qabeenya nama qabeenyicha argatee fi abbaan qabeenyichaa qaban akkasumas abbaan qabeenyaa qabeenya bade barbaadee argachuuf carraa inni qabu dhiphisuu fi bal'isuun tilmaama keessa kan galchuudhan.
- d. Eegumsa yookaan gurgurtaa qabeenyichaaf, abbaan qabeenyaa dhiyaatee qabeenya isaa akka fudhatuuf baasii beeksisaaf baase akka bakka buufamuuf gaafachuuf mirga qaba (keewwata 1157(2)). Abbaan qabeenya baasii nama argee hanga bakka hin buufnetti qabeenyicha idaadhaan namni arge qabatee turuuf mirga qaba.
- e. Darbiinsi yeroo isaa kan raawwate yoo ta'e abbaa qabeenyaa qabeenyichaa ta'uu (keewwata 1157(1)). Mirga kun S/H/H keewwata 1192 waliin wal qabatee kan ilaalamu dha.

Qabeenyi gataman yookaan dhiifaman qabeenya badan irraa garaagarummaa akka qaban hubachuun barbaachisaa dha. Qabeenyi hayyama abbaa qabeenyaan ala; kana jechuun dagannoo irraa kan ka'e yookaan dhimma humnaa oli ta'een baduu akka danda'an gararaatti ilaaleera. Qabeenyi gataman yookaan dhiifaman garuu abbaan qabeenyaa kanniinii beekuudhaan ammaan booda na hin gargaaran jechuun kan gate yookaan dhiise dha. Kana waan ta'eef abbaan qabeenyaa duraa akkuma qabeenya kanniin gateen mirga abbaa qabeenyummaa addaan cita. Qabeenyi kun akkuma gatamaniin battalumatti namni biroon kan argate yookaan kaase yoo ta'e namni kun yeroo argate irraa eegalee qabeenya kaniiniif abbaa qabeenyaa ta'a. Kanaaf, asi irratti akka dhimma ijoo tokkotti kan fudhatamu abbaan qabeenyaa duraa qabeenyichi harka isaa keessaa bahuu kan danda'e hayyamaa isaan moo miti kan jedhu dha.

c. Waa'ee Maalaqa Awwaalamee (Treasure) S/H/H keewwata 1159-1160

Maalaqa awwaalame kan jedhamu dursee abbaa qabeenyaa kan qabu jedhamee kan amanamu boodarra garuu akka awwaalameetti dagatamee kan hafe dha jechuun kaa'uun ni danda'ama. Keewwatootni kun keewwatoota qabeenya badee argamee ilaallataniif tumaa addaati (exception) jechuun ni danda'ama. Waanti tokko maalaqa awwaalame jedhamee waamamuuf:

1. Qabeenyi awwaalamee argame qabeenya socho'u ta'uu qaba.
2. Qabeenya socho'u yookaan hin sochoone keessa waanta awwaalamee ture ta'uu qaba.
3. Ofii isaatii jireenya of danda'e qabaatee qabeenya keessa awwaalamee argame waliin salphaatti adda baafamuu kan danda'u ta'uu qaba; qabduu isaa irraa adda baafamuu kan hin dandeenye yoo ta'e qaama guutuu qabduu ta'ee lakka'ama.
4. Yoo xiqqaate waggoota 50f awwaalamee kan ture ta'uu qaba.
5. Maalaqichi yeroo argamu abbaa qabeenyaa kan hin qabne yookaan kan kooti jedhee waanta amansiisaa irratti dhiyeessuu kan hin danda'amne ta'uu qaba.

Gaaffiin kana waliin wal qabatee ka'uuf malu maalaqa awwaalamee argameef abbaa qabeenyaa kan ta'u eenyu dha kan jedhu dha. Gaaffii kana deebisuuf haalota lama tilmaama keessa galchuu barbaachisa. Kunis, namni qabeenya awwaalame argate abbaa qabeenyaa qabeenya maallaqichi keessaa argame maallaqichi kansaa ta'a. Maallaqicha kan argate abbaa qabeenyaa yoo hin taane

immoo haalotni lama ni jiraatu. Inni tokkoffaan maalaqa argachuu kan danda'e dhamaatii yookaan carraa isaan yoo ta'e maalaqa (qabeenya) argame walakkaan isaa bifa komishiniin ofii isaaf walakkaan immoo abbaa qabeenyaa qabeenyaa maallaqni keessaa argameef ta'a. Lammaffaan qabeenyicha argachuu kan danda'e ajaja abbaa qabeenyaan yoo ta'e garuu gatii dadhabbii kan argatu yoo ta'e malee maalaqa (qabeenya) argame hirachuu hin danda'u.

Asi irratti dhimmi ifaa ta'uu qabu yoo jiraate meeshaalee durii aantikaa jedhaman; fakkeenyaaf barbaacha arkiyoolojin qabeenyi argaman akka qabeenya awwaalamaniitti kan hin lakka'amnee fi bulchiinsa isaatiif jechaa seerotni addaa (danbiileen) kan bulchuun ta'a.

Waa'ee bocaalee hambaalee seenaa labsiin bitu lakk. 229/1958 keewwata 2(a) jalatti kan ilaalame yoo ta'u "boca hambaalee jechuun bara 1850n dura hojii yookan qodaa namaan hojjeetame hojii kamiyyuu jechuu dha" haala jedhuun kaa'eera. Abbaan qabeenyaa qabeenya kanneenii mootummaa yookaan qabeenya biyyattii kan ta'anii, fi qabeenya socho'anii fi hin sochoone kan haammatu ta'uu labsii kana keewwata 3 jalatti ilaalamee kan ture ta'uun ni hubatama. Hambaalee durii harka isaa keessatti galchuun namni qabee jirus qaama mootummaa dhimmi ilaalu duratti dhiyaachuun galmeesisisuu akka qabuu fi hanga sana qofatti harka isaa keessa turuu kan danda'u ta'uu labsicha keewwata 4 irraa hubatamuun kan danda'amu. Labsiin lakk. 229/1958 labsii lakk. 36/1982n kan haqame yoo ta'u labsiin lakk. 36/1982 immoo labsii lakk. 209/1992 haqameera.

Bara 1992 irratti labsiin lakk. 209/1992 waa'ee qorannoo hambaalee fi eegumsa isaa jechuun bahe hambaalee ilaalchisee kan tume akkaataa seerri hariiroo hawaasaa kaa'e alatti haala addaan kan ta'e dha.

Hambaleen qabeenya socho'u yookaan hin sochoone yookaan qaama qabeessa qabu yookaan hin qabne ta'uu akka danda'u labsicha keewwata 3 jalatti kan haamatame yoo ta'u; keewwata 14(1) irratti immoo hambaleen kun mootummaan yookaan nama kamiinuu abbaan qabeenyummaa qabamuu kan danda'u ta'uu ibsa.

Kun akkuma kanatti osoo jiruu hambaleen qabeenya biroo irraa haala ittiin adda bahu qaba. Kunis bifa diqamaa (duties) fi dangeeffamaan (restriction) kan ta'aan dha.

Dirqamoota abba qabeenyaa hambaalee ilaalchisee labsicha keewwata 18 irratti kan tumaman yoo ta'u; namni abbaa qabeenyaa hambaalee qabate kamiyyuu:

1. Baasii dhunfaa isaatiin eegumsaa fi kunuunsa barbaachisaa hambalee sanaaf taasisuu
2. Hambicha agarsiisaaf yookaan haala biraan uumataaf akka mul'atuuf abbaa taayitaan yeroo gaafatamu hayyamuu
3. Haala qabiinsaa fi itti fayyadama hambaale ilaalchisee tumaalee labsii kanaa fi akkaataa labsichaan danbilee fi qajeelfamoota bahan kabajuu qaba jedha.

Akkasumas namni kamiyyuu hambalee abbaa qabeenyummaan qabate akkaataa danbii ministeerichaan bahutti dirqama galmeesisisuu akka qabu (keewwata 16(1)); hambaalee hin sochoonee fi hambaalee socho'u galmaa'e iddoo tokkoo gara iddoo biraatti sochoosuuf hayyama kan barbaachisu ta'uu qabiyyee labsichaa irraa hubannoo fudhachuu kan danda'amu dha (keewwata 21).

Hambaaleen mootummaa qofaan otoo hin taane nama kamiyyuu abbaa qabeenyummaan qabatamuu akka dandaa'an ilaalleera. Haa ta'u malee abbaa qabeenyummaa hambaalee kana nama biroof dabarsuuf akka qabeenya biroo murtee abbaa qabiyyeen qofa kan raawwatu miti. Labsicha keewwata 23 irratti akkuma ilaalame; namni kamiyyuu sababa kamiiniyyuu hamba qabatee ture nama biraaf yommuu dabarsu gareen lamaanuu abbaa taayitichaa barreeffamaan beeksisuu akka qabani fi abbaan taayitichaa barreeffamaan beeksisuu akka qabani fi abbaan taayitichaa ammoo mirga dursaa hambalee bituu akka qabu kaa'eera.

Hambaalee gurgurtaan nama biraaf dabarsuun kan dandaa'amu ta'uu labsichi kan tuqe ta'us, gama biraan ammoo kaayyoo daldalaaf jecha bituu fi gurguruun akka hin dandaa'amne seeraan daangeffameera (keewwata 24(1) ilaalaa). Kana qofa osoo hin ta'in hambaalee eegumsi, suphiinsi fi haaromsii barbaachisaan hin taasifamneef yookin badiif saaxilame yoo ta'e, muuziyamii (golaambaa) kaa'uun barbaachisaa ta'ee yoo argamee fi hayyama malee gara biyya alaa osoo baafamuu kan argame yoo ta'e mootummaan dhaalamuu ni danda'a (keewwata 25). Dabalataan hambaan barbaachaan, argannoo fi qorannoon argame bu'uura labsichaa (keewwata 35(3) tiin mootummaaf akka galii ta'uu (keewwata 29) fi waa'ee hambichaa namni qorannoo gaggeesse barreeffama bu'aa qorannichaa kan ta'e ilaalchisee mirgi abbaa qabeenyummaa bu'uura S/H/H tiin akka ta'e ibseera (keewwata 40). Akkasumas namni kamiyyuu hojii albuuda

baasuu, gamowwanii, karaa yookiin mudannoo biroo kamiin hambaalee kan argate yoo ta'e qaama dhimmi ilaallaatuuf beeksisuun kan irra jiraatu ta'ee mirgi badhaasa argachuu akka qabu labsicha keessatti haammatameera (keewwata 41).

Akka waliigalaatti labsichi yommuu ilaalamu namni abbaa qabeenyaa hambaa ta'uu akka danda'u tumus akka qabeenya biroo waan barbaade gochuu hin danda'u. Sababa kunis ta'e ammoo abbaa qabeenyummaa hambaa irratti dirqamoota fi daangalee baay'een kan irra jiran waan ta'eefi.

D. Qabeenyaa Diinaa Qabachuu (Seizure of enemy property)

Qabeenya dinnaa qabachuun abbummaa mirkaneesuun kan danda'aamu, qabeenyaa lolaaf yookaan waranaaf jedhamee ramadame humna birootiin yookaan mootummaan yeroo boji'amuu yookaan to'aannoo jala yeroo galu jechuu dha. Qabeenyichi erga booji'amee booda qabeenya humna booji'ee yookin mootummaa ta'a. Haalli akkasii yommuu mudatu seera addunyalessaa fi seera paabilikiin kan gaggeeffamu ta'a. Sadarkaa nama dhuunfaatti qabatamuu kan dandaa'amudha jedhamees hin yaadamu.

4.1.3 Yaada gaariin abbaa qabeenyaa ta'uu (Possessiin in good faith) (S/H/H keewwata 1161-1167)

Akka qajeeltoo bu'uuraan yommuu ilaalamu namni qabeenya fudhaatu tokko, nama qabeenyaa dabarsuuf caalaa aangoo hin qabaatu. Namni tokko osoo aangoo abbaa qabeenyumaa hin qabaatin aangoo abbaa qabeenyumaa kamiyyuu nama kan biroof dabarsuu hin danda'uu.

Namni qabeenyaa isa dabarsu abbaan qabeenyumaa isa hanqina kan qabu yoo ta'e, hanqinni sun qabeenya sana waliin gara isa fudhatuuti darba. Yaadaa gaariin abbaa qabbiyyee ta'uun kaallaawwaan (Modalities) abba qabeenyaa tasisuu dandeesisaan keessaa tokko qabeenyaa qamaa qabeessaa socho'uu danda'aan irraatti kan rawwatamuu fi qaamolee waliigaltee uumaniif mirgaa fi dirqama kan kennuu, fi waliigaltee gurgurtaatiin (contract of the thing under consideration) kan argamu dha.

Namni qabenya yaada gaariin bitu, namni gurguru, qabenya gurguruu fi dabarsuu dhaaf seeraan mirga akka qabu amanee kan bite ta'uu qaba.

As irraatti seerichii walitti bu'insa fayyidaa (conflicting interests) araarsuuf yookaan madaalii isaani akka eggaatuuf ni yaala. Kunis abbaa qabeenyaa isa duraa fi sochiin daldalaa /faayidaa qama sadaffaa/ ti.

Karaa tokkoon dadhaabbiin abbaa qabeenyaa duraanii; qabeenyi bu'a ba'ii hedduun hoorate seeraan alaa akka hin saamamneef eegumsa kan kenne yoo ta'u karaa biraa ammoo yaada gaariin namootni meeshaa bitan, meeshicha nama dhimmi isa hin ilaalannerra bittan jechuun rakkoo irra akka hin buunee fi sababa kanaan sochiin daldala bilisaa akka hin danqamne gochuu dha.

Kanaan oliitti akkuma ilaalameetti yaadaa gaariin abbaa qabiyyee ta'uun dhimma mirga abbaa qabeenyumma argachuu raawwatamuummaa kan argatu qabeenya idilee (Ordinary corporeal chattels) irraatti.

Qajeeltoon kun rawwatamuu kan hin dandeenye:

1. Qabeenya hin sochoo'one irraatti,
2. Qabeenya socho'aan adda irraatti,
3. Qabeenya faayidaa uummataaf jedhamanii ramadaman irratti dha. (S/H/H keewwata 1455)

Qajeeltoon kun qabeenya socho'u irraattis haallii itti rawwatamuu danda'uu fi hin dandeenye ni jira.

1. Haalli itti rawwatamuu hin dandeenye: Abbaan qabeenyichaa fedhaa fi hayyaama isaan nama biraaf kan dabarsee yoo ta'e fi kan fudhaatuus qaama sadaffaaf waliigalteen kan dabaarse yoo ta'e abbaan qabeenyaa duraanii mirga qaama sadaffaa gaafachuu hin qabaatu. Dhimmi kun namni qabeenyichaa fudhatu nama qabeenyaa dabarseef caalaa mirga hin qabu. ("Nemodat quod non habet," "No one can transfer what he him self dotsn't have") Qajeeltoo jedhuuf haalaa adda ti. As irraatti qajeeltoon kun kan hojjatu ykn kan rawwatamu qabu qabeenyaa yookaan mirga kee nama amantaan itti kennite gaffadhu ("where you have put your faith there you must seek") isa jedhuun.

Kanaaf abbaan qabeenyaa duraanii mirga abba qabeenyummaa isaa gafachuu kan qabu nama itti kenne malee qaama sadaffaa ta'uu hin qabu jechuu dha.

Fakkeenya: wabbumman kan fudhe qabeenya liqaan fudhate gara qaama sadaffaa (yaadaa gaariin isa bite) fi kan dabarse yoo ta'e qaamni sadaffaan mirga abbaa qabeenyummaa ni argata.

Yaada gaariin abbaa qabiyyee ta'uun abbaa qabeenyaa waan ta'uuf haalawwaan guutamuu qaban ni jiru. Isaanis:

- A) Waliigalteen isa gurguree fi bittee bu'uurefachuun qabeenyaa darbee ta'uu qaba; kunis qammoolee walii galaaniif mirgaa fi dirqama kan kennu ta'u qaba; haalaa biraan yoo ibsamu qabeenyaa kennaan argame yaada gaariin qabachuun abbaa qabeenyaa ta'uun hin danda'aamu.
 - B) Yaada gaariin abbaa qabiyyee kan ta'e gara waliigalteeti yoo dhufu waliigaltichaaf qabeenyaa sababa ta'e irraatti abbaa qabeenyaa ta'uuf yaadee kan rawwate ta'uu qaba.
 - C) Yaadni gaariin yeroo qabeenyi harkaa isaa gahuuf jiraachuu qaba.
 - D) Inni bitu qabeenyichaa yeroo bitu yaada gaarii irraa kan ka'e abbaa qabeenyaa dhugaa irraa bitaan jira amantaa jedhu qabaacha kan ture ta'uutu irraa jira.
 - E) Inni bitu qabeenyii bite yoo dabarfamuuf yookaan harka isa irra yeroo galchuutti yaada gaarii qabaacha kan ture ta'uutu irraa jira.
 - F) Yaada gaariin qabeenyii bitu qabeenya idileen socho'aan ta'uutu irraa jira.
2. Qajeeltoo namni tokko qabeenyaa (meeshaa) nama biraa nama kan biraaf dabaarsuu hin danda'u jedhu haallii itti raawwaatamuu danda'uu; qabeenyichi abbaa qabeenyaa harka ba'uu kan danda'ee fedhaa fi hayyama isaan alla yoo ta'e fi kan fudhatuus gara qaama sadaffaati yoo dabarseera ta'e abbaan qabeenyaa duraanii darbiinsii yeroo seeraan tumaame osoo hin darbiin qabeenyaa koo naaf deebisi jedhee qaama saadaffaa yoo gaafaate ni danda'a. Haallii addaa kun S/H/H keewwata 1167 irraatti isaa tumaame dha. Tumaan seeraa kun maalaqqa dheedhii fi sanada kan fideef kaffalamuu kan ilaalaattu ta'ee, sabaabni haala addaan (exemption) ta'eef ammo maalaqni walfakkataa fi mallattoo adda baafannaa (lakkoofsa malee) kan hin qabne ta'u isaa fi akka waliigalaa, fi meeshaa bittaa fi gurgurtaa (means of exchange) deddeebii bilisaa (free circulation) fi eeganii akka tajaajilaaniif seerichi eeguma kan godhuuf ta'uu ni hubanna.

Maalaqqaa dheedhii fi sanaadoota mallaqaatiin alaa kan jiraan meeshaalee haatamaan ilaalchisse garuu seerichii mirgi Abba qabenyuma akka hin sarbaamnefi rakkoo irraa akka hin buuneef Eeguumsa guddaa kan taasisseef dha.

Yaada gaariin qabeenyaa hatame namni bite abbaa qabeenyaa duraatiif akka deebisu seeran kan dirqamu ta'uus maalaqqaa qabeenyaa kanaaf baase nama itti gurgure mirga gaafachuu akka qabu seerichi ka'eera. Mirga isaan fayyadamuu kan danda'u garuu qabeenyicha (mi'icha) kan bite mana daldalaatti, gabaa uummataa keessatti yookiin mi'oonni caalbaasiin bakkeerratti gurguramu keessatti yoo ta'e dha. Karaa biraan S/H/H waraabbii afaan Faransaayi garuu yaada gaariin namni bite maallaqa isaa deebifachuu kan qabu abbaa qabeenyaa qabeenyichaa irraa akka ta'e tuma.

4.1.4 Qabeenya hin sochoone qabiyyee gochuun Abbaa qabeenyaa ta'uu (usucaption) (S/H/H keewwata 1168)

Jecha kanaaf (Usucaption) hikkaan isa waan tokko fayyaadamuun abbaa qabeenyaa ta'uu jechuu dha (acquired by usage). Malli qabeenyaa ittiin argachuu kun kan raawwatamu qabeenyaa hin sochoone irratti qofa ta'ee walitti fufiinsaan yeroo dheeraadhaaf itti fayyadamuun mirga abbaa qabeenyummaa argamu dha.

Qabeenyaa tokko fayyadaamuun abba qabeenya ta'uun yaad rimee darbiinsa yeroo himannaan itti dhiyaatu irraa adda dha.

- A) Darbiinsa yeroo (period of limitation) jechuun qabeenyaa irraatti namni mirga qabu mirgi isa yeroo itti bu'aamu nama mirga isaatti bu'e irraatti daangaa yeroo himannaan itti dhiyaatu ta'ee, daangaa yeroo kun erga darbee booda himannaa kan dhiyeesse yoo ta'e garuu gama qaama himatamee bira mormiin isa mudachuu ni danda'aa.
- B) Darbiinsa yeroo abbaa qabeenyummaa addaan kutanii fi argaachisaan (Acquisitive prescription and extinctive prescription)
 1. Darbiinsa yeroo abbaa qabeenyummaa akka addaan kutamu taasisuu.

Darbinsii yeroo kun namni tokko qabeenya tokko irraatti mirgi abbaa qabeenyummaa qabu haalaan addaan cituu kan agarsiisu ta'ee abbaa qabeenyummaan isaa yeroo addaan kutamu, mirga bakka buufachuu kan biraa kan ittiin argachuu hin danda'amne dha.

Fakkeenya:- S/H/Hkeewwata 1192

2. Darbiinsa yeroo mirgi abbaa qabeenyummaa ittiin argamu (usucaption)

Darbiinsi yeroo kun ammoo nama haaraa kan biraaf mirga abbaa qabeenyummaa kan gonfachisu dha. Turtiin darbinsa yeroo biyyaa biyyaatti garaa gara ta'uu ni danda'a.

Fakkeenya: Firaansii fi jaarmaan darbiinsa yeroo waggoota 30f turu qabu. Kana qofaas osoo hin taane qabeenyichaa yaada gaariin qabaa kan ture ta'uunis akka safartuu dabalatatti fayyadamu.

S/H/H Itoophiyaa keewwata 1168 irraatti darbiisi yeroo armaan olitti ilaalee tumaamani argamu.

Kunis qabeenya hin sochoone irraatti abbaa qabiyyee ta'uun walitti fufiinsaa fi waggoota 15'f osoo addaan hin kutiin maqaa isaatiin namni gibira kafaalaa ture abbaa qabeenyaa qabeenya kanaa ta'uu akka danda'uu dha. Seerri Hariiroo Hawaasaa kun yeroo baheeti tumaan kun lafaa fi gaamoowwaan irraatti akka rawwaatamuuf yaadamee kan tumamee fi amma sirni abbaa lafa kufuutti hojii irraa olaa kan ture dha.

Lafti qabeenyaa mootummaa akka ta'u erga labsamee eegalee garuu tumichi gammoowwaan qofa irraatti yoo ta'e malee haallii itti raawwii irraa oluu kan hin jire dha. Akkasummas tumichi faayidaa uummataaf jecha qabeenyaa ramadamanii fi qabeenyaa hin sochone sabaaba alaabaatiin qabaman irraatti raawwii hin qabu (S/H/H 1451 fi 1314 ni ilaalata)

As irraatti gaaffiin ka'u danda'u namni tokko kan isa kan hin taane qabeenyaa hin sochooneef akkamitti gibiraa itti kaffaluu danda'aa? kan jedhuu dha.

Haalli kun sabaaba garaagaraan uumamuu danda'a. Fakkeenya Gowwomsaan yookaan aangoo bakka bu'insaa argatetti fayyaadamee yookaan qabeenya waliinii sababa qabuu isaatiin maqaa isaatin gibira itti kafalee waggoota 15 kan ture yoo ta'e fi kan kana fakkaatan tuquun ni danda'ama.

Keewwata 1168 jalatti darbiinsi yeroo (darbiinsa qabeenyii ittiin argamu) waggoota 15'f kaa'ame addan cituu kan danda'u bu'uura S/H/H keewwata 1851-1852tiin ta'uun hubannoon jirachuu qaba.

4.1.5 Qabeenya Bu'uuraa irratti Dabalamuu (Accession)

Dabalatni qabeenya bu'uuraa karaa 4^{ffaa} qabeenyi ittiin argamu danda'uu dha. S/H/H keenya hiikaa isa ka'uu baatus qabiyyee isaa waliigalaa irraa ka'uun yeroo ilaalu garuu abbaan qabeenyaa qabeenyi biraan qabeenya isaa irratti yeroo dabalamuuf kan mul'isuu dha. Qabeenyi dabalame kun humna uumamaa fi naman kan argame ta'u danda'aa. Abbaan qabeenyaa qabeenya dabalamani kanneenii ammoo abbaa qabeenyaa qabeenya bu'uuraa kanaa nama ta'e dha. Dabalamuun qabeenya bu'uura irrattii kun qabeenya socho'oo ykn hin sochoone irraatti uumamuu ni danda'a.

A)Qabeenyi hin sochoone yeroo qabeenya hin sochoone irraati dabalamu; karaa laman rawwatamuu danda'a.

1. Biyyoo loolaan haree fide lafa nama biraa irraatti yeroo hafu, abbaan qabeenyaa lafichaa abbaa qabeenyaa ta'a jechuu dha. (Alluvium jechuun waamaama)
2. Loolaan kallaattii isaa jijjiiree yeroo deemu bakki duraan loolaan irraa deemaa ture qonnaaf yookaan fayidaa biraaf ooluu waan danda'uuf namni bakka sanatti dhiyeenyaan jiru abbaa qabeenyaa lafa sanaa ta'a. (Accretion jechuun waamaama)

As irratti waanti hubatamuu qabu garuu biyyaa keenyaati qabeenyummaan lafaa mootummaa fi uummaata ta'u isaaniitiin abba qabeenyaa lafaa jechuurra abbaa qabiyyee jechuun irraa fooya'aa ta'a.

B) Qabeenyi socho'u qabeenya hin sochoone irraatti yeroo dabalamu.

Haalli akkasii uumamuu kan danda'u qabeenyi socho'u tokko guutummaa qaama qabeenya hin sochoonee yeroo ta'u dha (Intrinsic element). Kun mataa isaatiin karaa laman rawwatama:

1. Abbaan qabeenya socho'uu tokkoo qabeenya hin sochoone kan nama biraa waliin makuun guutumaan kutaa qaama qabeenya sanaa yeroo taasisu.

Fakkeenya:-namni tokko lafa nama tokkoo irratti biqiltuu kan dhaabe yoo ta'e yookaan gamoo kan ijaare yoo ta'e dhimmichi ilaalamu kan qabu dalagaa kana raawwachuu kan danda'e fedha abbaa qabiyyee lafichaa tiin moo? Miti? Abbaan qabiyyee lafichaa osoo mormaa jiruu moo hin mormiin? gaaffilee jedhaan xiinxaluuni.

As irratti qabxiin xiyyeffannoo fedhu yeroo amma biyyaa keenyaatti lafti haala abbaa qa beenyumma dhuunfaatiin qabamuu danda'u waan jijjirameef dhimmi S/H/H keewwata 1172-1180 irratti tumamanii jiraan hammaam raawwaatamuu danda'u kan jedhu gaaffii ta'uu danda'aniiru.

Qabxii kana waliin walqabate akka muuxxanootti dhimmootni mana murtii lama akka agarsiistuutti dhiyaataniiru.

Mana Murtii Waliigaalaa Federaalaa dhaddachaa ijjiibaataa irraatti himataa obbo Birhaanii Gerheme fi himaatamtoota Teweldee Gerheme gidduuti falmiin ture galmee lakk ijjiibaata 16031 gurrandhala 22/1997 A.L.H murtiin itti aanuu kenaamera.

Dhimmichi kan eegalame Naannoo Tigraay godina maahilaawii mana murtii maahirayi iyyatuun ammaa magaalaa adawaa ganda 08 keessaati bal'iinni lafa isaa 173.04 kan ta'e maqaa waamamaatiin kennameef irraatti mana ijaarameef tilmaama qarshii 110,000.00 (qarshii kuma dhaabaa tokkoo fi kuma kudhan) dabalatee baasiwwaan biroo naaf kafaluu qaba jechuun waamamtoota ammaa irraatti himata dhiyeessa. Falmii bitaa fi mirgaa dabalatee ragaan erga dhaga'ee booda manicha kan ijaaree himataa (iyyataa) ta'uu isa ragootaan kan mirkanaa'e ta'uu fi himatamtoonnis inni ijaaru isa akka hin mormine waan hubannef jechuun bu'uura S/H/H keewwata 1180(2) tiin himatamtoonni tokko afuraffaa himata qarshii 27,500.00 fi baasii biroo dabalataa himataadhaaf haa kaffallan jechuun murteesse. Manni murtii waliigalaa naannoo Tigraayi Oliyyata dhaaga'uu fi dhaddachii Ijjiibaataa iyyaanoo dhiyaateef kuffisaniiru.

Itti fufaniis himataan murtichi dogoggora bu'uura seeraa kan rawwatame dha jechuun Mana Murtii Waliigala Federaalaa dhaddacha ijjiibaataaf iyyannoo isaa dhiyeeffate. Qabxiin ijoo komii isaas kanaan ijaaree waliigaltee himatamtootaan waan ta'eef tilmaammii beenyaa bu'uura S/H/H keewwata 1179 fi 1180 ta'uu hin qabu; manicha ijaaruuf qarshiin baase 100,000.00 yoo ta'u kanas waan himatamtootni hin raawwanneef manicha yoo fudhaatan tilmaama isaa

guutummaadhaan naaf kafaluu qabu kan jedhuu dha. Himatamtoonnis $\frac{1}{4}$ ffaa tilmaama manicha akka kaffaluu nutti murta'uu isaatiin kan miidhame nuyii malee isa miti jechuun falmaniiru.

Dhaddachi ijjiibaatas mana tilmaama isa argachuun qaba jedhee kan ijaare isa ta'u isaa mana murtii jalaatiin mirkaanaa'eera. Karaa biraan garuu himatamtoonni lafichi abbaa qabiyyummaan kan kennameef malee abba qabeenyaa lafichaa miti. Lafti qabeenyaa mootummaa ifatti ta'e osoo jiruu himatamtoonni mirga abbaa qabiyyummaa qofa qaban. Akka abbaa qabeenyaa lafaatti fudhachuun lakka'uunii fi akka S/H/H armaan olitti ibsamaniti xiinxalee murtoo kennuu kan hin danda'amne ta'uu ka'a.

Himatamtootni manicha mana murtii biraati himataa harkaa fudhachuu isaanii galmechi akka mirkaaneessuu ibsee himataan manicha ijaaruuf qarshii 110,000.00 baasuu isa manna murtii jalaatti fudhatama argachuu isa qabiyyee murtii irraa hubachuun ni danda'ama erga jedhee booda himataan tilmaama qarshii 110,000.00 gaafate argachuuf akka hin dandeenye bu'uurrii seeraa dhorku akka hin jirre ibsuun murtii manneen murtii jala diigeera.

1. Himatamtootni iyyataadhaaf qarshii kuma 110,000.00 kaafaaluufii qabu.
2. Himatamtootni filaannoo isa jalqabaa yoo hin fudhanne ammoo mana lafichaa irraati himataan (iyyaatadhaan) ijaarame akkuma jiruutti kennuufidhaan abbaa qabiyyuumaas gara maqaa isaatti jijjiiruu qabu jechuun murteesserra.

Gaaffii:

1. Murtii isa kamtu bu'uura seeraa qaba jetta? Maaliif?
 2. Murtiin Mana Murtii Ijjiibaata Waliigala Federaalaa sirriidhaa yoo jedhame mirga abbaa qabiyyummaa miidhaa irraa hin buusuu?
 3. Namootni mirga osoo hin qabaatiin qabiyyee nama biraa irratti waanta barbadaan akka hojjetaniifi hin affeeruu?
- B. Mootummaa ce'umsaa Itoophiyaatiin manni murtii waliigalaa naannoo 14 ol iyyaannoodhaan falmii obboo Taddeesaa Raddaa fi obbo Fisahaa Binagaa gidduu ture akka itti aanuuti murtoo kennera.

Falmichii kan eegale mana murtii awuraajjaati yoo ta'u himataa kan ture deebii kenna ammati. Qabiyyeen himaatichaas bu'uura labsii lakk. 47/67tiin Ministeera Misooma Magaalaa fi Mana hayyamsiisuun lafa magaalaa fudhate irratti ol iyyaatan (himatamaan jalaa) humnan mana ijaaruu eegale akka dhaabuu fi lafichaa gad lakkiisee akka deemuuf akka isaa murteeffamuuf bu'uura S/D/F/S keewwata 18 iyyaannoo bu'uureffate dhiyeessera.

Manni murtii Awuraajjaas erga falmii bitaa fi mirgaa dhaggeeffatee booda ol iyyataan laficha irraatti mana kan ijaaree mootummaadhaan kennameffii ta'u caalaa ijaarsa manichaa xumuree meeshaa galchaa kan jiru ta'u isaatiin deebii kenna (himataa jalaa) irraatti jequumsi uume hin jiru jechuun murteessera.

Deebii kennaan ammo murtoo kenname irratti itti quufinsa dhaabuu isaatiin ol iyyaannoo isaa gara mana murtii ol'aanaatti kan dhiyeffate yoo ta'u manni murtichaas murtee oliyyaannoon itti fudhaatame diiguun oliyyaataan akkataa S/H/H keewwata 1178 ajaajuun gamoo ijaare gad lakkisee yookaan filannoo abbaa qabiyyee lafaatiin kennamuun gamoo ijaaree kisaaraa isaatiin diigee haa deemu jechuun murteessa.

Ol iyyaataan ammaa murteen mana murtii ol'aanaa isaaf mijaachuu waan dideef gara Mana Murtii Waligaalaa Naannoo 14tti ol iyyaannoo kan dhiyesse yoo ta'u, manni murtii kun ammoo deebii kennaadhaaf lafti (bakki) kennamee ture mana kuusaa fi bakka boqonnaa waardiyya tokko irraatti ijaarame malee yeroo dheeraa osoo ittii hin hojjetamiin yookaan hin fayyadamin turu isaatiin walakkaan bakkichaa (lafichaa) ol iyyaataa ammaatiif kan kenname ta'u isaa mirkaneessuuf; ol iyyataan aangooma isaatiin mana ijaareera osoo ta'e iyyuu lafa irraatti mirga abbaa qabiyyuummaas ta'e abbaa qabeenyuummaa kan qabu mootummaa ta'uu isaatiin nama dhuunfaa kana irratti himata dhiyeessuu kan qabu mootummaa ture. Qabiyyee qaba kan jedhamu osoo ta'ee iyyuu seeraan alaa lafa qabiyyee koo nama biraatiif kennaniiru jechuun himachuun kan danda'u bakkichaa (lafichaa) hojjetootaa Ministeeraa Misooma Magaalaa (ol iyyataadhaaf kan kenne) namoota seeraan alaa na jala fudhaatani jedhu dha. Akkaataa S/H/H keewwata 1178 lafti abbaa qabiyyummaa nama dhuunfaatiin kan qabame raawwii argachaa ture yeroo ammaa lafti yeroo qabiyyee fi qabeenyaa mootummaa ta'etti rawwii irraa oluu waan hin dandenyeeff fi kkf jechuun murtii mana murtii ol'aanaa diiguun ol iyyataaf mirgi isa eegamuuffii danda'eera.

Gaaffii:

1. Himataan jalaa (deebii kennaan ammaa) bakka (lafa) wal falmisiise irratti mirga abbaa qabiyyee hin qabu ture jechuu ni dandeenyaa?
2. Manni Murtii Waliigalaa Naannoo 14 lafa nama dhuunfaan qabame irraatti rawwatamumma hin qabu jedhe murteessuun isaa hafuurrii seerichaa kan dhorkame dha? Maaliif?
3. Abbaan qabeenya socho'uu tokko qabeenya isa hin sochoone waliin qaama guutuu yoo godhee dha?

C. Qabeenyii socho'uu tokko qabeenya biraa socho'uu irraatti yoo dabalamu bu'aan hordofsiisu karaa sadiin ibsama.

1. Jijjiiruun (transformation or specification) S/H/H keewwata 1182

Namni tokko humna isaa fi akkasumas yaada gaariin qabeenya socho'aa nama biraa fayyadame qabeenya haaraa kan biraa yoo hojjete kan uumamu dha. Qabeenya haaraa yookaan qabeenya jijjiirame kana irraatti eenyuutu abbaa qabeenyaa ta'uu danda'a gaffiin jedhu ka'uun isaas kan hin oolee. Deebiin gaaffii kanaa haalaa irraatti kan hunda'e dha. Kunis tilmaamni baasii humnaa qabeenya hojjetame (foyyeeffamma) irratti bahe tilmaama qabeenya hojjetamee kan caaluu yoo ta'e qabeenyi haaraa hojjetame yookan jijjiirame (foyya'ee) nama humna isaa dhangalaasee hojjeteeff yookaan jijjiireef ta'a. Tilmaamni qabeenya haroomfamee kan caaluu yoo ta'e ammoo qabeenyi hojjetame yookaan haaromfame kan abbaa qabeenyaa ta'a. Gaaffiin tilmaama hojichaa fi qabeenya haroomfamee yeroo wal-qixa ta'u, qabeenyi hojjetame (haromfame) eenyuuf ta'uu qaba gaaffiin jedhuu garuu deebii hin kennu.

Walumaagalatti, qabxii kana jalatti safartuuleen tilmaama keessa galu qaban:

- Hojichi waan haaraa kan uumee ta'u qaba.
- Namni hojii kana raawwate yaada gaariin kan raawwate ta'u qaba.
- Gaatiin baasii humna hojiirra olee qabeenyaa haaroomfame (jijjiirame) kan caaluu ta'uu qaba.

Haal dureewwaan kanneen yoo guutamaan qabeenyi hojjatame (kan foyyeeffame yookaan jijjiirame) kan nama humnaa fi beekumsa isaa fayyadamee hojjetee (jijjiiree) ta'a. Qabeenya socho'aa nama biraa fayyaadamuun namoota waanta haaraa hojjechuu danda'an.

Fakkeenya: Faakkii kaastoota, huccuu hodhitoota, warqii hojjeetoota, huccuu, awwaala, dabboo tolchitoota fi nyaata qopheessitootaaf kkf dha.

2. Walitti makamuu (walfudhachuu) (mergor or confusion) S/H/H keewwata 1183(1)

Walitti makamuu jechuun qabeenya namoota garaa garaa ta'an qabenyi socho'aa lama fi isa ol bakka tokkotti yeroo walitti makaman yookaan walitti hidhatan kan uumamu ta'ee osoo bay'ee hin midhamin yookaan tajaajilaan alaa hin ta'in yookaan hojii ulfaataa yookaan kisaaraa guddaadhaan yoo ta'ee malee amma gargar ba'u yookaan addaan ba'u hin dandeenyetti yoo walitti makamaan yookaan walfudhaatan walitti maxxanaan ta'e dha. Bu'aan walitti makamuu qabenya kanaa akka qoqqooddaa isaanitti qabeenyaa waliini namoota sanaa ta'a.

3. Qaama guutuu ta'uu (Embodiment /adjunction) S/H/H keewwata 1183(2)

Qaama guutuu ta'uu (walitti makamu) jechuun qabeenya socho'aa namoota garaa garaa ta'an bakka tokkotti yeroo walitti hidhaman (walitti makamaan) kan agarsiisuu ta'ee tokkoon tokkoon isaanii addaan baasuun kan danda'amu ta'us (walitti makaminsi isaanii walfudhaanaa waan hin taneef) qabeenyi tokko akka bu'uuraatti inni biraa akka qaama bu'uuraatti (intrinsic element) haalli itti ilaalamaan waan uumamuuf abbaan qabeenya bu'uuraa abbaa qabeenyaa qaama guutuu ta'a.

D. Firii /Fruits/

Firii yeroo jedhamu qabeenyi bu'uuraa akkuma jiruutti ta'ee kanuma irraatti firiin biraa yoo dabalammu dha. Haaluma kanaan firiin dabalame qabeenya bu'uuraa irraa addaan yoo baafamu yookaan isaa waliin yeroo walitti dabalamu kan argamu dha. Kana jalatti qabeenyi dabalammu danda'aan lama dha.

1. Firiwwaan uumamaan argaman: Abbaa fi haadha beeyiladootaa, firiwwaa biqiltuuwwaan fi kkf yoo ta'aan abbaan qabeenyaa beeyiladaa abbaa qabeenyaa firii

uumamuusaa ilmoo dhalattu ni ta'a. Abbaan qabeenyaa biqiltuu abbaa qabeenyaa firii biqiltuu argamuus ni ta'a.

2. Firiwwaan nama tolchee: Firiwwaan nam tolchee (Artificial) kan jedhaman bakka lamati kan qoodamaan ta'ee siviilii fi Induustiriyaalii jedhamu. Siviilii kanneen jennuu waliigaltee namoota gidduuti raawwaatamu kan bu'uureffaate argame dha.

Fakkeenya: Mallaaqni kiraa manneenii irraa saassaabamu qabeenya abbaa manichaa ta'a. Dhallii maallaqas akkasumma qabeenyaa abbaa maallaqaa bu'uuraa ta'a.

Firiwwaan Insuustiiyaalii kan jennuu ammo lafa misoomsuun firiiwwaan argamani dha.

3.1.6. Qabeenyaa Dabarsuu (Transfor Of Ownership) SHH Lakk. 1187

Dhimmoota qabeenyi akkamitti akka argamu kaaraan (haallii) qabeenyi itti argamanis mataa dureewwaan jedhaan bal'inaan armaan olitti ilaaluuf yaalamera. Qabeenyi abbaa qabeenyuummaa dhuunfaadhaan qabamu dirqama abbaa qabeenyummaa nama tokkoo jala kan ture ta'u akka hin qabne ilaalera.

Qabeenya abbaa qabeenyaa hin qabaanne fi abbaa jalaa badaan yookaan abbaa qabeenyaatiin wal diddaan qabuun abbaa qabeenyaa ta'un akka danda'aamu ilaalerra.

Abbaa qabeenyuma dabarsuuf garuu dirqama abbaan qabeenya sana jiraachuu akka qabu tilmaama yaada keessa kan galchuu dha. Mirgi namni qabeenyi dabarfaamuuf (transferee) mirga isa dabaarsuu (transferor) irraati kan hundaa'e dha. Namni tokko qabeenya hin qabne dabaarsuu waan hin dandeyeef yoo isaa dabarfaamufis ta'e inni dabarsuu mirga qabu caalaa akka kennuuf gaafachuu hin danda'uu.

Abbaan qabeenyummaa nama tokko irraa gara nama biraatti darbuu kan danda'uu karaa lamaan jechuun ka'uun ni danda'ama. Isaanis:

- 1) Sirna qabeenya bu'uura seeraatiin jiru dabaarsuu,
- 2) Sirna qabeenya gochoota seeraatiin jiru dabarsu dha.

Bu'uura seeraatiin kanneen darbuu danda'aan:

- Dhaammoo male dhaalli yeroo darbuu (S/H/H lak. 842-852)
- Beenyaa namni tokko qaama ykn qabeenya isa irraatti midhaan yeroo qaqqabu akka kafaalamuf gaafatu (S/H/H keewwata 2027...)
- Beenyaa mootummaan faayidaa uummataaf jedhee qabeenyaa nama dhuunfaa tokkoo yeroo dhaaluu kennamu (kafalamuu) (HRDFI keewwata 40) (S/H/H keewwata 1460-1488 fi seeroota biro rawwaatamumma qaban)

Kanneen bu'uura gochoota seeraatiin darbuu danda'aan

- Bu'uura waliigaltee namootaan taasifamuun qabeenyi tokko waliigaltee kennaa irraa gara waliigaltee fudhataatti yeroo darbu. (seeroota waliigaltee hundaa fi seerota waliigaltee addaa)
- Bu'uura dhaammoo nama du'eetiin qabeenyi dhaammoo irraatti eeramaan namoota dhamaameef yeroo darbu.
- Raawwii murtiittiin qabeenyi caalbaasiin hin gurguramne abbaa murtii mirgatiif yeroo darbu.
- Sababa wabiitiin qabeenyi harka isa liqeesse gale mallaqa isaa yoo hin argane haala qabeenyicha itti fudhatu yoo jiraate.

Abbaan qabeenyummaa dabarfameera kan jedhamu yoomii fi akkamitii?

Qabeenya Socho'uu Ilaalchisee:

Akka sirna seera Faraansaayitii akka safartuu barbachisaatti kan fudhatamu qabeenya dabarsaa fi fudhataa gidduutti waliigaltee rawwaachuun gahaa dha. Yeroo waliigalteen raawwataman qabeenyi waliigaltichaaf ka'uumsa ta'e akka dabarfametti lakka'ama. Akka sirna seera Jaarmaaniti ammoo meeshaan (qabeenyi) tokko haaraan ittin dabarfamu waliigaltee raawwaachuu malee dabalataan qabeenya waliigaltichaaf sabaaba ta'e gara isa

fudhatuutti dabarfamuu qaba jedhu. Akka sirna seera Jarmaniitti meeshaan (qabeenyi) tokko karaa nama biraatti itti darbuu danda’u:

- A) Abbaan qabeenyaa duraanii mirga qabeenya isa nama biraatiif kan dabarsuu yoo ta’u qabeenyichi garuu maqaa abbaa qabeenya haaraatiin ta’ee qabamaaf (constructive possession)
- B) Waaligaltee abbaa qabeenyaa fi nama qabeenyicha qabe jiru giddutti raawwatamu abbaan kaayaa gara abbaa qabeenyummatii jijjiramuu ni danda’a.
- C) Namni tokko qabeenya isaa harka nama sadaaffaa jiru namni biraa akka fudhaatuuf aangoo kennuun kan argamu.

Fakkeenya: Obbo “A”n abba qabeenyaa yoo ta’u, obbo “B”n nama maqaa obbo “A” tin qabeenyichaa qabe jiru ta’ee obbo “C”n qabeenyicha kan bite

- D) Bakka qabeenyichaa sanada /ragaa/ qabeenyicha ilaalattu dabarsuun.

S/H/H biyya keenyaa yoo ilaalle qabeenya socho’aa tokko nama biraatiif dabarsuun kan danda’aamu yeroo qabeenyicha kennu dha. (S/H/H keewwata 1186(1)). As irraatti qabeenya socha’aa yeroo jennu qabeenya socho’u addaa kan hammatu akka hin taane dagatamuu hin qabu (S/H/H keewwata 1186(2)).

Qabeenya socho’aa dabaarsuu waliin walqabatee S/H/H keewwata 2274, 2395 ilaaluun (dubbisuun) hubannoon keenyaa akka guddatuu (bal’atuuf) nu gargaara.

Qabeenya hin sochoone ilaalchisee:

Seerotni hundi qabeenya hin sochoone dabarsuuf sirni hordoofan walfakkaataa dha.

Kunis waliigalteedhaan, dhaammoodhaan yookaan qabeenya hin sochoone bu’uura seeraa jiruun dabarsuuf dirqaama galmee qabeenyaa hin sochoone keessatti galmeesiisuu gaafata. Tumaan kun S/H/H bu’uura keewwata 1185, waliigaltee fi dhaammootiin qabeenya hin sochoone dabarfamanif qofa kan tumame dha. Bu’uura seeraan qabeenyaa hin sochoone dabarfamaan maaliif osoo hin hammatamiin akka hafe ifa miti.

Qabeenya hin sochoone dabarsuuf sababa galmeessuun barbaachiseef:

1. Mirga namoota sadaffaa eeguudhaaf. Kunis adeemsi galmeessaa yeroo raawwatutti namni baay'een akkaataa beekuu fi waajjira mootummaa keessatti waan raawwatamuuf namni sadaffaan carraa beekuusaa baldhisaaf jedhamee waan tilmaamamuuf.
2. Qabeenya eegumsi addaa barbaachisuu fi iddoo dhaabataa qaban ta'uu isaaniitin.
3. Mootummaan hojiwwaan garaagaraa hojjechuuf akka bu'uuraatti gargaaruu waan danda'uuf. Fakkeenyaaf: gibira sassaabuuf, manneen jireenyaa ijaaruuf fi kkf...

Qabeenya socho'u galmeessuun sababa hin barbaachifneef:

1. Bakka dhaabbii kan hin qabnee fi hojimaataaf mijataa waan hin taaneef
2. Namootni qabeenya isaanii bilisaan akka sochosanii fi hojii daldalaa keessatti rakkoo uumamuu danda'u hambisuuf sababa gargaaruuf dha.

4.1.7 Qabeenyaan Haala Itti Hafu (extinction of ownership) S/H/H keewwata 1188-1192

Abbaa qabeenyummaa hafuu jechuun namni tokko mirga abbaa qabeenyummaa qabeenya tokko irratti qabachaa ture sababoota garaagaraatiin itti fufuu kan hin dandeenye yoo ta'e dha. Sababa kun ta'uu danda'uuf ammo mirgi qabeenyaa (abbaa qabeenyummaa) sababootni akka jiraatan taasisan yoo bade yookaan haqame fi kkf dha. Abbaa qabeenyummaan hafu dhaabataa (absolute) yookaan dorgomsiiifamaa (relative) ta'uu danda'a. Abbaa qabeenyummaan hafe dhaabataa dha kan jedhamu walittii fufiinsaan malee yookaan qabeenyi abbaa qabeenyaa har'aa bade yookaan gatamanii kan hafan kan agarsiisu dha. S/H/H keewwata 1188 fi 1191. Abbaa qabeenyummaan hafe dorgomsiiifamaa dha kan jedhamu immoo qabeenyicha irratti jijjiiraa abbaa qabeenyaa yeroo jiraatu qofa dha. (Fakkeenyaaf S/H/H keewwata 1189). Abbaa qabeenyummaan mirga abbaa qabeenyaan yookaan mirga abbaa qabeenyaan ala hafuu (addaan cituu) ni danda'a. Sababootni abbaa qabeenyummaa hambisan seera hariiroo hawaasaa keessatti hagugameera. Isaan bu'uuraa haala armaan gadiin dhiyaateera.

1. Qabeenyichi yeroo barbadaa'u yookaan adda baaftonni amala isaa yoo badu. (S/H/H keewwata 1188 isa ilaalata). Fakkeenya: waanti tokko waanta biraa waliin yoo walitti

makame, qodichi fudhatamee yookaan akka haraatti hojjetamee gara waanta biraatti yeroo jijjiiramu.

2. Bu'uura seeraan qabeenyichi nama biraatiif yeroo dabarfamu (S/H/H keewwata 1189). Tumaan kun akkaataa seera qofaan qabeenya dabarfamu qofaaf kan tumame fakkaata. Akkaataa gochoota seeraan (juridical act) qabeenya dabarfamu maliif osoo hin haguugin akka hafe ifa miti.
3. Qabeenya hin sochoone ilaalchisee yoo ta'u mirgi abbaa qabeenyummaa galmee irraa yeroo haqamu (S/H/H keewwata 1190)
4. Abbaan qabeenyaa mirga isaa haala hin shakkisiifneen yaada dhiisuu kan ibse yoo ta'e (S/H/H keewwata 1191). Dhimmi mirga ofii dhiisuu uumurii gahumsaa kan hin geenyee fi dhibamtoota sammuu kan ilaalatu miti.
5. Qabeenya socho'u ilaalchisee
 - a. Abbaan qabeenyaa qabeenyi isaa eessa akka jiru yookaan qabeenyichi kan isaa ta'uu osoo hin beekin waggaan 10 kan itti darbe yoo ta'e (S/H/H keewwata 1192).
 - b. Gosti qabeenyaa kanniisa barrisaa deemaa jirtu yoo ta'ee fi abbaan qabeenyaa battalumatti kan hin hordofne yoo ta'e (S/H/H keewwata 1153).
 - c. Beeyilada badan abbaan qabeenyaa hordofuudhaan ji'a tokko keessatti osoo hin deebifatiin kan hafe yoo ta'e (S/H/H keewwata 1152).
6. Mootummaan bu'uura seeran qabeenyicha kan dhaale yoo ta'e (S/H/H keewwata 1460-1488).

4.1.8 Waa'ee Ragaa Qabeenyummaa (Proof Of Owership) (S/H/H Keewwata 1195-1203)

Asiin olitti bal'inaan akkuma ilaalame namni tokko abbaa qabeenyaa qabeenya tokkoo akka ta'uuf waantootni tokko tokko guutamuu qaban ni jiru. Kunis qabeenyicha harka ofii qodhachu, akka galmaa'u gochuu, fi kkf dha. Kanaafuu, abbaan qabeenyummaa hafeera (citeera) namni jedhu qabeenyummaa argachuuf yookaan dabarsuuf ijoo dubbii qabeenya barbaachisoo ta'an harka keessa galchuu yookaan galmaa'uu (galmaa'uu dhabamuu) adda baafachuun isa irraa eegama. Haa ta'u malee ragaa abba qabeenyummaa jechuun ragaa ijoo dubbii ittiin mirkaneessan ta'ee qabeenyi tokko abbaa qabeenyummaa nama tokkoo jala galuu yookaan nama biraaf kan

darbe kan ibsu dha. Ibsa biraan ragaa qabeenyummaa jechuun qabeenyi tokko akka qabeenyatti qabamuu yookaan qabeenyummaan dabarfamuu fi hafuu dhabuu waantoota bu'uuraa agarsisan mirkaneessuuf kan nu gargaaran dha. Ijoo dubbii kanneen akkamiitu ragaadhaan mirkaneeffamu qabu kan jedhuuf immoo qabeenya argachuuf yookaan dabarsuuf ulaagaleen barbaachisaan akkuma garaagara ta'an ijoo dubbii ragaadhaan mirkaneeffamaniis garaagara. Kana ta'ees garuu seerichi kan kaa'e tilmaama seeraa (presumption of law) malee ragaa (proof) biroo miti. Gareen walmormaan tokko abbaan qabeenyummaa jiraachuu yookaan waa'ee daddarbuu ijoo bu'uuraa jiraachuu isaa kan ibsu yoo ta'e seerichi qabeenyummaan akka jirutti tilmaama.

1. Qabeenya qaama qabeessaa idlee socho'aan (ordinary movables) irratti mirgi abbaa qabeenyummaa daddarbuu kan danda'u abbaa qabiyyee qabeenyichaa ta'uudhan. Sababni isaas abbaa qabiyyee qabeenya socho'uu tokkoo ta'uun abbaa qabeenyaa qabeenyichaa ta'uu waan tilmaamsisuuf. Tilmaammiin seeraa kun jiraatullee abbaa qabeenyummaan hin jiru jechuun namni falmu abbaa qabeenyummaan jiraachuu dhabuu ragaa mirkaneessuuf dhiyeessun tilmaama seeraa kana diiguu ni danda'a. Tilmaama seeraa kana diiguufis gosootni ragaan dhiyaachuu danda'an:
 - Raga namaa
 - Qabeenya socho'aa ragaa barreeffamaa barbaachisaan yeroo ta'an raga barreeffama ittiin galmeeffaman yookaan bu'ura galmeedhaan waraqaa abbaa qabeenyummaa kennamu
 - Dirqama ragaa dhiyeessuu gareen dirqama qabu akkaataa S/H/H keewwata 336 gaheessa kan hin taane yoo ta'e ragaa gosa kamiyyuu dhiyeessuu danda'a.
2. Abbaa qabeenyummaa qabeenya hin sochoone (gamoo) ilaalchisee hubachiisuun kan danda'amu ragaa waraqaa abbaa qabeenyummaadhaan dha. Namni waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa (title deed) kana qabate abbaa qabeenyaa qabeenyichaa akka ta'eetti tilmaamama. Qaamni waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa tokko kennuuf aangoo qabu waanti gochuu qabu yoo jiraate waa'ee qabeenya hin sochoone tokkoo kan ilaalatu waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa qopheessuun abbaa qabeenyaa haaraa ta'eef osoo hin kenniin dura nama birootiif kennamee kan ture waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa abbaa qabeenyaa duraa harka akka deebi'uuf gaafachuu qaba.

Waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa duraa (title deed) badeera yookaan manca'eera kan jedhame yoo ta'e abbaan qabeenyaa haaraa ta'uuf namni iyyaachaa jiru osoo hin badiin yookaan hin miidhamiin badeera yookaan miidhameera jechuun isaa nama sadaffaa irratti miidhaa akka hin geessifneef bulchiinsi wabii gahaa akka dhiyeessu iyyaataa har'aa gaafachuu danda'a.

Kana qofa osoo hin taane seerichi mootummaa irratti itti gaafatamummaan kennee jira. Kunis, qaamni bulchiinsa dhimmichi isa ilaalattu karaa seera qabeessa osoo hin hordofiin waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa qabeenya hin sochoone ilaalattu sirrii hin taane nama tokkoof kennuu isaaf yookaan waraqaa ragaa haquu qabu haquu dhabuu isaan nama kana irratti miidhaa dhaqabuuf mootummaan itti gaafatamummaa kan qabaatu dha. Itti gaafatamummaan mootummaa itti gaafatamummaa waliigalteen alaan dhufu irraa kan madde ta'uu isaan itti gaafatamummaa erga kanfalamee booda badii kana kan raawwatan itti gaafatamaa kutaa bulchiinsaa (hojjettoota) kasaraa kafalame akka deebisaniif gaafachuu akka danda'u S/H irratti haammatameera.

Waraqaa ragaa haaraa abbaa qabeenyummaa kennamuu irratti qaamni sadaffaan haala mormii dhiyeessuu danda'an ilaalchisee seerri hariiroo kaa'eera. Isaanis:

- a. Waraqaan ragaa haala seerri ajajuun yookaan kutaa bulchiinsaa aangoo hin qabneen kan kenname dha yookaan
- b. Waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kenname barreeffama bu'aa hin qabne (invalid) yoo ta'e yookaan
- c. Qaamni sadaffaan (mormaan) qabeenya hin sochoone kan argate waraqaan ragaa kun erga kennameefi booda yoo ta'e dha.

Asi irratti gaaffiin ka'uu danda'u barreeffama bu'aa hin qabne (invalid act) jechuun maal jechuu dha kan jedhu dha. Waliigalatti qabxiin kun wantoota uumamu waliigalteef barbaachisan (requirements) murteessaan waliin walqabatee ilaalamuu qaba. Waliigalteen qabeenya hin sochoone tokko ilaalchisee taasifamu bu'uura S/H/H keewwata 1723 ta'uun akka qabu ni hubatama. Keewwata kana osoo hin hordofiin waliigalteen taasifame bu'uura godhachuun waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa nuuf kenname irratti mormiin kan ka'e yoo ta'e waraqaan ragaa kun kufaa ta'uu danda'a jechuu dha.

Gudunfuudhaaf abbaa qabeenyummaan mirgoota hunda irra caalaa bal'aa ta'ee waantoota bu'uura sadii kana jechuunis itti fayyadamuu, firii isaa sassaabachuu fi nama birootiif dabarsuu mirga balleessuu hammatee kan qabate dha. Qabeenyi karaa garaagaraa argamuu akka danda'u ilaaleera. Karaa qabeenyi ittiin argamu; qabeenya socho'aa abbaa hin qabne jechunis kan bade, abbaa kan hin qabne, qabeenya awwaalame fi qabeenya dhiifame qabachuun; qabeenya socho'an yaada gaariin qabiyyee godhachuun, qabeenya hin sochoone qabiyyee godhachuuni fi qabeenyi tokko dabala qabeenya bu'uura kan ta'e yoo ta'e dha. Qabeenyi bu'uura seeraatiin yookiin gochaa seera qabeessa taasifamuun dabarfamuu akka danda'u ilaaleera. Akkasumas qabeenyummaan akka hafu kan taasisan sababootni baay'een akka jiran kan ilaale yoo ta'u; qabeenyummaan jiraachuu yookaan hafuusaa mirkaneessuuf qabeenya socho'aanii fi hin sochoone ragaan jiru garaagara ta'uu danda'a.

Gaaffilee Marii

1. Himanna qabiyyee yoo kaasnu jeequmsi narraa haa dhaabatuu fi himanna abbaa qabeenyumma jiddu garaagarummaan jiraa? Falmii qabiyyeen namni mo'ame himannoo abbaa qabeenyummaa dhiyeessuu ni danda'aa moo hin danda'uu?
2. Abbaan qabeenyummaa akkamitti akka daddarbu ibsi.
3. Looni horsiisee bulaa tokko jalaa yoo baddee fi namni arge sa'a kanaaf eegduu, bakka bultuu, walaansa, soorata fi kkf baasii heedduu erga baaseen booda, sa'attiin jabbii erga dhalteen booda abbaan sa'aa yoo dhufe nama argee fi abbaan sa'aa mirgaa fi dirqamoota isaan qaban ibsi.
4. Qonnaan bulaan tokko lafa qabiyyee isaa jalatti argamu irraatti qotee bulaa biraan biqiltuu bunaa, geeshoo fi burtukaana dhaabee yoo argame biqiltuun bunaa, geeshoo fi burtukaanaa kan eenyuu ta'u? maaliif?
5. Karaa afur qabeenyi gama seeraan (by the operation of the law) daddarbu ibsi.
6. Xaaliyaaniin bara 1993n dura konkolaataa gatee deeme keessa waggoota shantamaa oliif kan ture qarshiin maariyaatareeza awaalamee yookaan dhokatee yoo argame qarshiichi kan eenyuu ta'aa? Qarshiichi lafa keessa awwaalamee kan argame yoo ta'ee hoo?

Qarshichi erga awwaalamee waggaa shantama kan hin guutne yoo ta'e hoo? Waggaa shantama guutuun isaa hoo maaliin beekama?

7. Namni abba qabeenya ta'e bu'uura S/H/H keewwata 1206'n himannoo abbaa qabeenyummaa dhiyeessuu kan danda'u hanga yoomitti dhaa?
8. Obbo Yiwunatuu sa'atii harkaa tokko waan argateef abbaan sa'aati akka beekuuf naannoo bulchiinsa gandatti beeksisa maxxansa. Obbo Yiwunatuun sa'atii erga argatee ji'a tokkoon booda namni kiyya jedhuu argamuu dhaabuu isaatiin sa'aaticha barreessaa bulchiinsa gandaatti dabarse. Guyyoota muraasaan booda hojjeetaa bulchiinsa gandicha tokko faayidaa ofiif jecha sa'aticha gurgura. Gochii kun erga raawwateen booda abbaa sa'atiiti kan jedhu obbo Yirdaawu obbo Yiwunatuu irratti himannoo dhiyeessuu barbaada. Himannaa hundeessuuf kan dandeesisu bu'uura seera (legal ground) qabaa?
9. Obbo Yiwunatuun sa'aticha barreessaa gandaati kennura naannoo waggoota 11tiif harka isaa keessa yoo turse obbo Yirdawuuf milka'uu danda'a.
10. Sareen obbo Daanyachoo erga bade jii'oonnii ja'a darbaniiru. Baay'ees barbaadaniif argachuu hin dandeenye. Bade ji'a kudha torbaaffaa irraatti garuu sarichi obbo Daaffaruu waliin jiraachuu isaa beeku. Obbo Daanyachoon saree isaa akka deebisuuf obbo Daffaruu gaafatuus hayyamamaa ta'uu hin dandeenye. Sababa kana irratti jidduu isaanitti falmiin waan ka'eef dhimmichi gara keeti dhiyaatera murtii itti kenni.
11. Beeyiladichi Harree yoo ta'e murtii irratti bu'aan addaa inni hordofsiisuu jiraa laata?
12. Obbo Sixootaawu gara biyya alaa osoo hin deemiin dura qabeenya isaa hunda akka kaa'ufif obbo Ayitameenu tiif waadaan kennera. Obbo Ayitameenu gama isaatiin qabeenya obbo Sixootaawu keessaa qubeelaa warqee tokko fudhee jaalallee isaa kan taate adde Yeeti Nabarechiif kennera. Obbo Sixootaawu adde Yeeti Nabarechi irratti himannoo dhiyeessa. Adde Yeeti Nabarechi garuu warqechi kan obbo Ayitameenu nati fakkateen yaada gaariin kan argadhe qabeenya waan ta'eef gaafatamu hin danda'u jechuun falmiteetti murtii itti kenni.

13. Oboo Ayitameenuu warqecha adde Yeeti Nabarechiif gurguree yoo ta'e garaagarumma ni fidaa?

5. Mirgootaa Fi Dirqamoota Abbaa Qabeenyaa

Kaayyoo Leenjii Kanaa:

Leenjifamtootni mata duree kana erga leenji'aniin booda:

1. Mirgootaa fi dirqamoota abbaa qabeenyaa ni ibsu, tarreessuu
2. Dhimmoota abbaa qabeenyummaa qabeenyaan wal qabatan yeroo dhiyaatuuf mirgaa fi dirqama wal falmitootaa maal akka ta'e xiinxaluun murtii kennu.

5.1 Mirgoota Abbaa Qabeenyaa Isaan Bu'uuraa (Gurguddaa) (S/H/H Keewwata 1204(1) 1205(1) (2)).

1. Mirgi abbaa qabeenyummaa mirga hunda caalaa bal'aa ta'uu ilaaleera. Mirga bal'aa ta'e kana namni itti fayyadamaa ta'e tokko qabeenyi isaa seeraan ala yoo jalaa fudhatame yookaan butame abbaan qabeenyaa akka abbaa qabeenyummaatti himanna falmii (petitory action) mana murtitti dhiyeessuun qabeenyi isaa akka deebi'uuf yookaan mirgi abbaa qabeenyummaa akka beekamuuf gaafachuu danda'a. Dabalataan abbaan qabeenyaa qabeenya isaa irraa argachuuf kan malu faayidaa addaan cite bifa kasaaraan yookaan beenyaan akka bakka buufamuuf gaafachuuf ni danda'a. Kanamalees, qabeenyicha waliin wal qabatee gochaa humnaa kamiyyuu muramuu ni danda'a. (S/H/H keewwata 1206).
2. Lammiin Itoophiyaa kamiyyuu abbaa qabeenyaa qabeenya socho'uu fi hin sochoone (gamoo) ta'uuf mirga qaba.
3. Namni seeraan yookaan gochaa seerumma qabuun mirgi jalaa dangeeffame yoo ta'e malee namni kamiyyuu lubbuun osoo jiruu haa ta'uu erga du'een boda dhaamoo raawwatiinsa qabaataniin mirga qabeenya isaa nama barbaadeef yookaan uummataaf /mootummaaf/ dabarsuu ni qaba. (fkn: S/H/H keewwata 1205, 483, 857..., 2427..)

4. Qabeenya isaatti fayyadamuu (tajaajilamuu), firii qabeenya isaa irraa argame sassaabuu.
5. Qabeenya isaa irraatti miidhaan ni dhaqaba jedhee yoo arge (tilmaame) yookaan jidduu galummaan yoo isa mudate kana hambisuuf mirgi humna wal gitu fayyadamu seeraan eegameeraaf kennameraaf (S/H/H keewwata 1206, 2053/2054)
6. Qabeenyi kan jalaa fudhatame qabeenya isaa irra miidhaan kan gahe fi kkf yoo ta'e mirga himannoo dhiyeessuu qaba. (S/H/H keewwata 1206)
7. Mirga qabeenya isa nama barbaadeef gurguruu qaba.
8. Qabeenya isa hanga gatuu yookaan dhiisuutti mirga qaba. Ta'ees garuu tumaa seera yakkaa keewwata 494 jalatti kan kaa'ame akkuma eegametti. Mirgoonni kunniin heera RDFI keewwata 40 waliin wal-qabatee ilaalamuu qaba.

5.2Dirqamoota Abbaa Qabeenyaa (S/H/H Keewwata 1204(2))

Mirgaa fi dirqamni yaad rimee addaan bahuu hin dandeenyee fi walitti dhufeenya qabu dha. Yeroo baay'ee mirgi tokko nama biroof dirqama yoo ta'u akkasuma dirqamni tokko nama biroof mirga ta'a. Haala kanaan mirgi abbaa qabeenyumma mirga qofa osoo hin taane dirqamas kan qabate dha. Dirqamootni yookaan dangaan waliigalteen yookaan seerarraa madduu ni danda'u. Dirqamoota keessa isaa armaan gadii kanneen murasa.

1. Abbaan qabeenyaa yeroo qabeenya isaatti fayyadamuu haala olla isaa miidhuu hin dandeenyee ta'uu qaba. (S/H/H keewwata 1225, 1226) qabeenya isaa gochaa seeraan alaa ta'eef itti fayyadamuu hin qabu.
2. Seera yakkaa (fakkeenya keewwata 494-497 tuquun ni danda'ama) fi heera RDFI keewwata 40(1) jalatti dirqamoota tumaman qabateera.
3. Bishaan bokkaa mana isaa irraa bu'u mirga olla isaa akka hin tuqneef of-eeggannoo taasisuun irraa eegama (S/H/H keewwata 1245)
4. Qabeenyi isaa qaama nama biroo yookaan lubbuu yookaan qabeenya irratti miidhaa kan geessise yoo ta'e, beenyaa miidhaa kaffaluu (S/H/H keewwata 2071-2089)

5. Qabeenyi isaa akka hin gurguramne hin jijjiramne yookaan idaan akka hin qabamne ajajni m/murtii kabajama kan jiru yoo ta'e ajaja kana kabachiisuu (S/D/F/S keewwata 154).
6. Galii qabeenyicha irraa argamu yookaan sababa haala biraan itti fayyadameef gibira kaffaluu (labsii gibiraati ilaalata).
7. Mootummaan faayidaa uumataaf jecha beenyaa barbaachisaa kaffaluun qabeenya nama tokkoo kan fudhate yoo ta'e gochi kun yeroo uumamu abbaan qabeenyaa gochicha fudhachuu (heera mootummaa RDFI keewwata 40(8), S/H/H keewwata 1460-1488 fi labsiiwwan biroo).
8. Dirqamootni baay'een biroon jiraachuu ni danda'u.

Gudunfaa

Mirgi qabeenyaa mirgoota bu'uura kanneen ta'an keessa tokko ta'ee beekamtii heeraa kan argatee fi mirga eegumsi godhameef dha. Mirgi kun raawwatiinsa akka qabaatuuf heera mootummaarra darbee ibsa seera qabeenyaan akka barbaachisu beekamaa dha.

Seerri hariiroo hawaasaa Itoophiyaa bara 1952 bahe waa'ee qabeenyaa fi mirga qabeenyaa tumaalee bal'aa fi ibsa qabuun kaa'eera. Tumaaleen kunneen qabiyyee fi tumaaleen wal-qabatee gaaffilee ka'an ilaaluuf yaalera. Hiikoon qabeenyaa seeraa keenyaan ifatti kaa'amuu baatullee akka waliigalatti yaad rimeen seera yeroo ilaalamu (kan) waanta ofii jechuu akka ta'e barreeffamootni garaagaraa akka eeran ilaaleera. Seeri qabeenyaa seera mirga qabeenyaa bitu akka ta'e; dhaalummaan (patrimony) yaad-rimee mirgaa fi dirqama qabeenya nama tokkoo waliitti qabate ta'uu isaa barbaachisummaa garee fi gosa (qooddii) qabeenyaas ilaaleera. Irra caalaa qabeenya socho'uu fi hin sochoonne jechuun qoqooduu; qabeenyi haala kamiin akka argamu; darbu, hafu, mirkaneeffamu fi kkf garaagarummaa lamaan jidduu kan jiru ta'uu mari'aneera. Kanatti dabalatee kutaa guutuu fi dabalataa qabeenya tokko maal akka ta'ee fi garaagarummaa isaanii adda baasneera.

Seera qabeenyaa keessatti bakka ol'aanaa kana qabatee fi raawwiidhaanis yeroo ilaalamu bu'aa ol'aanaa kan qaban hiikaan isaanii kaayyoo mirgaa fi himannaa waliin yeroo ilaalamu qabiyyee

fi qabeenya dhuunfaan garaagarumma qabachuu tokko tokkoon ilaaluuf yaalerra. Hojiidhaan yeroo ilaalamu garuu himannaa qabiyyee bu'uura godhate dhiyaate osoo jiruu waa'een murtii abbaa qabeenyummaa haalli itti kennamu waan jiruuf of-eegamoo dhimma barbaadu ta'uu dagatamuu hin qabu. Akka waligalaatti, mirgi qabeenyaa bifa tokkoon yookaan biroon seerota biroo waliin walitti dhufeenya akka qabu fakkeenyaan deggerree ilaalerra.

Kanaaf, leenjifamtootni addunyaa hojitti yeroo bobbaa'an himannoo qabeenyaa waliin walqabatan yeroo dhiyaatuuf qabiyyee seera qabeenya haala barbaadamuun hubachuun hojii irra oolchuu fi hiikuu qabu.

Barreeffamoota Wabii

Seerota

1. HRDFI (Heera Mootummaa Ripaabliilka Diimokiraatawaa Federaalaawaa Itoophiyaa)
2. Heera Mootummaa bara 1948 fooyya'e
3. Heera mootummaa bara 1980
4. Seera Hariiroo Hawaasaa
5. Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa
6. Seera Daldalaa
7. Seera Yakkaa Itoophiyaa (RDFI)
8. Labsii waa'ee qabeenya Hambaalee seena qabeessaaf bahe lakk. 229/1958.
9. Labsii waa'ee qorannoo Hambaalee fi itti fayyadamaa bahe lakk. 209/1992

Barreeffamoota

1. Material on Property Law, by Simench Kiros & Muradu Abdo, October 2000.
2. የንብረት ሕግ በኢትዮጵያ (በበቃሉ ጥላሁን)
3. የንብረት ሕግ ትምህርት ማስተማሪያ የተዘጋጀ ማብራሪያ (በፈ.ጠነ ከበደ)
4. የማይንቀሳቀስ ንብረት በኢትዮጵያ (በውብሽት ሽፈራው)
5. The World History of Law Legal Institutions Ancient, Modern and Contemporary, By Dr. Girma Gizaw, March 2007
6. አለም አቀፍ የሰብአዊ መብቶች አዋጅ (UDHR)
7. የፌዴራል ፍ/ቤቶች ውሳኔዎች